MULDHATA YOHAANNISI

Seensa

1 Kun Muldhata Yesuus Kiristoosi, kan akka inni waan
dhiyootti ta'uu qabu tajaajiltoota[a]
isaatti argisiisuuf jedhee Waaqayyo isaaf kennee dha; Yesuusis
maleekkaa isaa gara tajaajilaa
isaa gara Yohaannisiitti ergee
akka muldhanni sun beekamu
godhe. [2]Yohaannisis isa waan
arge hundumaa jechuunis dubbii
Waaqayyootii fi dhuga - bayiisa[b]
Yesuus Kiristoosi dhugaa bawuu
dha. [3]Namni dubbii raajii[c] kana
dubbisu eebbifamaa dha; warri
waan raajii sana keessatti barreeffame dhagayanii garaatti
qabatanis eebbifamoo dha; yeroon sun dhiyaateeraatii.

Dhaamsa Nagayaatii fi Kadhannaa Galataa

[4]Yohaannis irraa,

Gara waldoota kiristaanaa kanneen kutaa biyya Isiyaa keessa
jiran torbaniitti;

Isa jiru, isa ture, isa dhufuuf
jiruu fi hafuurota[d] torban fuula
teessoo isaa dura jiran irraa;
[5]Akkasumas Yesuus Kiristoosi
dhugeessaa amanamaa, hangafa
warra du'a keessaa kaafamaniitii
fi bulchaa mootota lafaa ta'e sana
irraa ayyaannii fi nageenni isiniif
haa ta'u.

Isa nu jaalatuu fi isa dhiiga
isaatiin cubbuu keenya irraa bilisa nu baase[e], [6]Isa akka nu
Waaqa isaatii fi Abbaa isaa tajaajilluuf mootummaa fi luboota[f]
nu godhe sanaaf ulfinnii fi
humni baraa hanga barabaraatti
haa ta'u; aamiin.

[7]Kunoo, inni duumessaan dhufa;
warri isa waraananilleen otoo hin hafin
ijji[g] martinuu isa ni arga;
sabni lafaa martinuus waayee isaatiif ni gadda[h];
akkasumas ni ta'a; aamiin.

[8]Waaqayyo Gooftaan waan
cufa danda'u, inni amma jiru, inni
duri turee fi inni dhufuuf jiru sun,
"Alfaa fi Omeegaani ana" jedha.

Nama Ilma Namaa Fakkaatu Tokko

[9]Ani obboleessi keessan
Yohaannis cinqama[i] keessatti,
mootummaa fi obsa Yesuus
Kiristoosi keessattis isin waliin
kan hirmaadhu sababii dhubbii
Waaqayyootii fi sababii ragaa
Yesuus Kiristoosiitiif jedheen lafa
bishaan jidduu[j] Phaaximoo
jedhamtu irra ture. [10]Anis guyyaa

[a]1 ykn *hojjattoota;* [b]2 ykn *ragaa/ dhugeessaa;* [c]3 ykn *dubbii raagaa kana/ himana kana;* [d]4 ykn *ayyaanota;* [e]5 ykn *nu balchoomse;* [f]6 ykn *qaallolee;* [g]7 ykn *iltii;* [h]7 ykn *laaleffata;* [i]9 ykn *dhiphinna;* [j]9 ykn *odola*

Gooftaatti Hafuuraan guutamee ture; dudda kiyya duubattis qoonqa[k] guddaa qoonqa magalataa[l] fakkaatu tokko nan dhagaye. [11]Qoonqi sunis, "waan argitu kitaaba maramaa irratti barreessiitii gara waldoota kiristaanaa torbaniitti jechuunis gara Efesooniitti, gara Samirneesiitti, gara Phergaamooniitti, gara Tiyaaxirooniitti, gara Sardeesiitti, gara Filaadeelfiyaatii fi gara Lodooqiyaatti ergi" jedhe.

[12]Anis qoonqa natti dubbachaa ture sana ilaaluuf jedhee uf-irra gargale; ani yommuu uf-irra garagaletti baattuwwan ibsaa kanneen warqii irraa hojjataman torba nan arge. [13]Baattuwwan ibsaa sana jidduus nama, "Ilma Namaa fakkaatu" tokkottu ture; innis uffata dheeraa miila gawu uffatee, naannoo qoma isaatti immoo saqqii[m] warqii hidhatee ture. [14]Mataan isaatii fi rifeensi isaa adii akka jirbii hiddamee yookiin adii akka cabbii ture; ijji isaas akka arraba ibiddaa ture. [15]Miilli isaas naasii boolla ibiddaa keessatti diimeffame fakkaata ture; sagaleen isaa immoo akkuma sagalee huursaa bisaan baay'ee ti. [16]Harka isaa kan mirgaatiin urjii torba qabatee ture; afaan isaa keessaas goraadee qaramaa afaan lamaatu baye; fuulli isaas biiftuu humna guutuun iftu fakkaata ture.

[17]Ani yommuu isa argetti akka nama du'ee miila isaa jalattin lafa dhaye; inni immoo harka isaa kan mirgaa narra kaayee akkana naan jedhe;" hin sodaatin; ani isa jalqabaatii fi isa dhumaa ti; [18]Isa jiraataadhas. Ani du'ee ture; amma garuu baraa hanga barabaraatti nan jiraadha; furtuu[n] du'aatii fi kan Sii'oliis qaba.

[19]Kanaaf ati waan argite, waan amma jiruu fi waan gara fuulduraatti ta'u barreesi. [20]Dhossaan urjii torbaa kanneen ati harka kiyya kan mirgaa keessatti argiteetii fi baattuwwan ibsaa kanneen warqii irraa hojjataman torbanii isa kana; urjiin torban maleekkota waldaa kiristaanaa torbanii ti; baattuwwan ibsaa torban immoo waldoota kiristaanaa torbani.

Gara Waldaa Kiristaana Efesooniitti

2 Maleekkaa waldaa kiristaanaa Efesooniitti akkana jedhii barreessi;

[k]10 ykn *sagalee/qoonqoo;* [l]10 *Xurumbaa;* [m]13 ykn *gurdaa/marxoo;* [n]18 ykn *qulfii/ bantuu*

2:1 *Efesooni* - Efesoon magaalaa (dira) guddoofi beekamtuu kutaa biyya Isiyaati; Isiyaan immoo biyya Roomaa Keessatti argamti. Ishiinis buufata doonii (hoboloo) tan hujiin itti baayatuufi tan daldalaan badhaateedha; handhura falfala waaqittii Arxeemisii (HuE 19:27,35 ilaalaa) akkasumas lafa hujiin falfalaa itti hojjatamu turte (HuE. 19:19).

'Inni urjii torba harka isaa kan mirgaatti qabatee baattuwwan ibsaa kanneen warqii irraa hojjataman jidduu dedeebi'u sun akkana jedha: [2]Ani hujii kee, dadhabii keetii fii obsaan dhaabachuu kee beeka; akka ati caldhiftee namoota hamoo hin dhiifne, warra otoo ergamtoota hin ta'in ergamtoota ufiin jedhan qortee akka isaan sobduu ta'an mirkaneessites nan beeka. [3]Ati maqaa kiyyaaf jettee obsaan dhaabatteerta. Rakkinna obsiteerta; hin dadhabnes.

[4]Ta'us jaalala kee isa jalqabaa dhiisuu keetiif ani si komadheera[o]. [5]Kanaaf maal irraa akka kufte yaadadhu[p]; qalbii jijjiiradhuutii[q] hujii kee isa jalqabaa sana hojjadhu; yoo ati qalbii jijjiirachuu baatte immoo ani sitti nan dhufa; baattuu ibsaa keetiis bakka[r] isaatii nan fuudha. [6]Garuu waan gaarii tokko qabda; hujii Niqolaawotaa kan ani jibbu sana atis ni jibbita.

[7]Namni gurra qabu waan Hafuurri[s] waldaa Kiristaanaatiin jedhu haa dhagawuu; nama injifatu[t] akka inni muka jireenyaa kan jannata Waaqayyoo keessa jiru irraa nyaatuuf mirga nan kennaafi.

Gara Waldaa Kiristaana Samirneesiitti

[8]"Maleekkaa waldaa kiristaanaa Samirneesiitti akkana jedhii barreessi:

'Inni jalqabaatii fi inni dhumaa, inni du'ee turee fi inni amma immoo jiraataa ta'e sun akkana jedha. [9]Ani rakkinnaa fi hiyyumma kee beeka; ta'us ati dureessa; arrabsoo warra otoo Yihuudota hin ta'in Yihuudota ofiin jedhan sanaas nan beeka; isaan garuu waldaa Sheexanaa ti. [10]Dhiphinna sirra gawuuf jiru hin sodaatini; kunoo, Daabiloosi isin qoruuf jedhee isin keessaa namoota tokko tokko mana hidhaatti ni galcha; guyyaa kudhanis ni cinqamtu; ati hanga du'aatti amanamaa ta'i; ani gonfoo[u] jireennaa sii keennaatii.

[11]Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawu; namni injifatu du'a lammaffaan matumaa[v] hin miidhamu'.

[o]4 ykn *milladhe;* [p]5 ykn *akka jidde qaabadhu;* [q]5 ykn *cubbuu irraa deebi'iitii;* [r]5 ykn *fulaa;* [s]7 ykn *ayyaanni* [t]7ykn *dabatu/moo'atu;* [u]10 ykn *badhaasa/ruufa;* [v]11 ykn *diqqumallee*

2:8 *Samirnees* - Samirnees (amma Ismiir jedhamti) magaalaa dureettiifi buufata doonii tan Yihuudonni hedduun keessa jiraatan turte. Samirnees mana qulqullummaa moofaa (dullacha) tokko waaqittii Roomaatiif qabdi turte; Inni haarayi ammoo mooticha Xibaariyoosiif kenname.

Gara Waldaa Kiristaana Phergaamooniitti

12"Maleekkaa Waldaa Kiristaana Phergaamooniitti akkana jedhii barressi:

'Inni goraadee qaramaa afaan lamaa qabu sun akkana jedha.
13Ani bakka ati jiraattu beeka; innis bakka teessoon Sheexanaa jiruu dha; ta'us ati maqaa kiyya jabeessitee qabatteerta. Bara Antiiphaas dhugeessaan[w] kiyya inni amanamaan magaalaa[x] keessan keessatti bakka Sheexanni jiraatutti ajjeefamellee ati amantii[y] narratti qabdu hin dhiifne.
14Ta'us sababii ati namoota barsiisa Bala'aami hordofan achii qabduuf ani waan sirratti jibbu diqqoo qaba. Namni akka inni saba Israa'eli dura gufuu kaayee akka isaan nyaata Waaqota tolfamoof dhiyeeffame nyaatanii fi akka isaan halalummaan[z] jiraatan godhuuf jedhee Baalaaqin barsiise Bala'aami tureetii. 15Akkasumas namoota barsiisa Niqolaawotaa hordofan tokko tokko uf biraa qabda. 16Kanaaf cubbuu irraa deebi'ii[a]; yoo kanaa achii ani dafee sitti dhufa; goraadee afaan kiyyaatiinis jaraan nan lola.
17Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawuu; nama injifatuuf mannaa dhoffame irraa nan kenna; akkasumas dhagaa adii maqaan haarayii irratti barreeffame tokko nan kennaafi; maqaa sanas namicha isa fudhatu sana malee namni tokkoyyuu hin beeku.'

Gara Waldaa Kiristaana Tiyaaxirooniitti

18"Gara Maleekkaa waldaa Kiristaana Tiyaaxirooniitti akkana jedhii barreessi:

[w]13 ykn *dhuga- baatuun/ rageessituun;* [x]13 ykn *dira;* [y]13 ykn *dhugeeffachaa;* [z]14 ykn *hawadii;* [a]16 ykn *qalbii jijjiiradhu*

2:12 *Phergaamoon* - manneen qulqullummaa kanneen waaqeffannaa Ziyaasiitiifi waaqota dhibii warra akka Asqelephoosiitiif kennaman qabdi turte.Asqelephoosiis waaqa tolfamaa nama fayyisuudha. Phergaamoon handhura mootonni Roomaa itti waaqeffataman turte. Isiinis magaalaa kutaa biyya sanaa keessaa bakka jalqabatti manni qulqullummaa Awugisxoos waaqichaa fi waaqittii Roomaa jedhamtuuf itti kennameedha.

2:14 *Barsiisa Bala'aamii*- Bala'aam falfaltuu Baabiloon kan baalaaq mootichi mo'aab akka inni saba Israa'eli abaaruuf qaxareedha. Akka seera lakkoobsaa 31:16 irratti dubbatametti gorsi bala'aam akka sabni Israa'eli waaqota tolfamoo waaqeffatuufi akka ejjummaa raawwatuuf karaa irraa jaldhise (Seera Lakkoobsaa 25: 1-3)

2:18 *Tiyaaxiroon* - Tiyaaxiroon handhura Industirii turte. Industiroota Tiyaaxiroon gugurdoo keessaas tokko hujiin isaa halluu dibuufi uffata suufii oomishuudha (HuE. 16:14).

'Ilmi Waaqaa inni ijji isaa arraba ibiddaa fakkaatu, kan miili isaa ammoo naasii baffamee qulqulleeffame fakkaatu sun akkana jedha. [19]Ani hujii kee, jaalalaa fi dhugeeffachaa kee, tajaajilaa[b] fi obsaan dhaabachuu kee beeka; akkasumas akka hujiin kee inni booddee kanaa isa duraa caalu nan beeka.

[20]Haa ta'uu malee sababii ati dubartittii "ani raajjuu dha[c]" ufiin jettu Elizaabelin caldhiftee ilaaltuuf ani waan sirratti jibbu xiqqaa qaba; isiinis barsiisa isiitiin tajaajiltoota koo gowwoomsitee akka isaan halalummaa hojjatanii fi akka isaan nyaata waaqota tolfamoof aarsaa[d] dhiyeeffame nyaatan gooti. [21]Ani akka isiin halalummaa isii irraa qalbii jijjiirattuuf yeroo kenneefii ture; isiin garuu nididde. [22]Kanaaf ani siree dhukkubaa irratti isii nan gata, warra isii wajjiin sagaagalanis[e] yoo isaan karaa isii irraa deebi'anii qalbii hin jijjiirranne rakkinna guddaa keessa isaan nan buusa. [23]Ijoollee isii immoo nan ajjeessa. Waldoonni kiristaanaa hundinuus akka ani garaa fi qalbii qoru ni beeku; anis tokkoo tokkoo keessaniif akkuma hujii keessaniitti gatii keessan isinii nan kenna. [24]Isin Warra Tiyaaxiroon keessa jiraattan kanneen barsiisa isii hin hordofinii fi warra barsiisa Sheexanaa kan "dhossaa gadi fagoo" jedhamu sana hin baratiniin akkana nan jedha; "ani ba'aa dhibii[f] isinitti hin fa'u." [25]Isin garuu hanga ani dhufutti waanuma qabdan sana jabeessaatii qabadhaa.'

[26]Ani nama injifatuuf, kan haga dhumaattis fedhii kiyya raawwatuuf[g] saboota irratti aangoo[h] nan kennaafi.

[27] 'Inni bokkuu sibiilaatiin
isaan bulcha;
akkuma mi'a supheettis[i]
isaan hurreessa[j],

kunis aangoo haaluma ani itti Abbaa kiyya biraa aangoo argadhe sanaan; [28]Anis bakkalcha barii nan kennaafi. [29]Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawu.

Gara Waldaa Kiristaana Sardeesiitti

3 Maleekkaa waldaa kiristaana Sardeesiitti akkana jedhii barreessi:

[b]19 ykn *hojjataa;* [c]20 ykn *raaga;* [d]20 ykn *sooriyoo;* [e]22 ykn *sharmuuxoman;* [f]24 ykn *biraa;* [g]26 ykn *guutuuf;* [h]26 ykn *jabeenna;* [i]27 ykn *faaraatti;* [j]27 ykn *caccabsa*

3:1 *Sardees* - Sardees magaalaa guddoo mootummaa Liidiyaa kan durii turte. Ishiinis magaalaa dureettii handhura industirii beekamtuu bakka uffanni suufiitiifi mi'oonni halluu dibaman itti oomishaman turte; ta'us magaalattiin tun sochii lafaa kan bara 17 (bara haraaraa) keessa ta'eefi yeroo garaa garaa waraanaan moo'atamuu ishiitiin amma gadi baddeerti.

'Inni hafuurota waaqaa torbaa fi urjii torba harka isaatii qabu sun akkana jedha; ani hujii kee beeka; ati maqumaaf jirta malee duuteerta. [2]Kanaaf dammaqi; ka'is! Waan ani fuula Waaqa kiyyaa duratti hujiin kee guutuu ta'uu isaa hin arginiif waan du'uu gaye sana jajjabeessi. [3]Kanaaf waan argattee fi waan dhageette qaabadhu; waan dhageette sanaaf ajajami; qalbiis jijjiiradhu[k]. Yoo ati dammaquu baatte garuu ani akkuma hattuutti sitti dhufa; yeroo ani itti sitti dhufus ati hin beettu.

[4]Haa ta'uu malee ati namoota uffata isaanii hin xureessini muraasa[l] Sardees keessaa qabda; isaanis uffata adaadii uffatanii na woliin ni deemu; kun isaaniif ni malaatii. [5]Namni injifatu[m] akkuma isaanii uffata adaadii ni uffata; anis maqaa isaa matumaa[n] kitaaba jireennaa keessaa hin haaqu; fuula Abbaa kiyyaatii fi maleekkota isaa durattis maqaa isaa nan beessisa. [6]Namni gurra qabu waan hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawu.'

Gara Waldaa Kiristaana Filaadeelfiyaatti

[7]"Maleekkaa waldaa kiristaana Filaadeelfiyaatti akkana jedhii barreessi:

'Inni Qulqulluun[o], inni dhugaanis, inni furtuu Daawiti harka isaatii qabu, inni waan inni banu namni tokkoyyuu cufuu hin dandeennee fi waan inni cufus namni tokkoyyuu banuu hin dandeenne sun akkana jedha; [8]Ani hujii kee beeka; kunoo, balbala banamaa namni cufuu hin dandeenne tokko fuula kee dura kaayeera; akka ati humna diqqoo qabdus beeka; ta'us dubbii kiyya eeddeerta; maqaa kiyyas hin ganne[p]. [9]Kunoo ani warra waldaa Sheexanaa ta'an kanneen otoo Yihuudota hin ta'in nu Yihuudota ufiin jedhanii soban keessaa tokko tokko akka isaan dhufanii miila kee irratti kufanii[q] sagadanii fi akka isaan akka ani si jaaladhe beekan nan godha. [10]Ajaja ani akka ati obsaan dhaabattuuf sii kenne sana waan eeddeef, anis yeroo qorumsaa kan warra lafa irra jiraatan qoruuf addunyaa guutuutti dhufuuf jiru sana sirraa eega.

[11]Ani dafee dhufa; atis akka namni tokko gonfoo[r] kee hin

[k]3 ykn *cubbuu irraa deebi'i;* [l]4 ykn *takkee tokko;* [m]5 ykn *dabsatu;* [n]5 ykn *akkanallee jedhee;* [o]7 ykn *woyyuu;* [p]8 ykn *hin mormanne/ hinhaalle;* [q]9 ykn *jiganii;* [r]11 ykn *badhaasa/ruufa*

3:7 *Filaadeelfiyaa* - Filaadeelfiyaan handhura daldalaa tan oomisha gogaatiifi jirbiitiin beekamte, tan lafa qonnaa badhaadhaa isaatiin marfamteedha; garuu sochii lafaatiif saaxilamtuudha (moggituu).

fudhanneef waan qabdu jabeessii qabadhu. [12]Nama injifatus mana qulqullummaa Waaqa kiyyaa keessatti utubaa nan godha; innis matumaa achi keessaa hin bawu. Anis maqaa Waaqa kiyyaatii fi maqaa magaalaa[s] Waaqa kiyyaa, maqaa Yerusaalem ishii haarayaa, ishii Waaqa kiyya biraa samii irraa gadi buutu sanaa isa irratti nan barreessa; maqaa kiyya haarayas isa irratti nan barreessa. [13]Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawu.

Gara Waldaa Kiristaana Lodooqiyaatti

[14]"Maleekkaa waldaa kiristaanaa Lodooqiyaatti akkana jedhii barreessi:

'Inni "Aamiin" jedhamu, inni amanamaani' dhuga-baatuun[t] dhugaatiifi, bulchaan uumama Waaqayyoo sun akkana jedha; [15]Akka ati qabbanaawaa yookaan oow'aa hin ta'in ani hujii kee beeka. [16]Kanaaf ati waan laphii[u] taateef, oow'aa yookaan qabbanaawaa waan hin ta'iniif ani afaan kiyyaa si tufuu gayeera. [17]Ati, "ani dureessa; qabeenna argadheera; wonni na barbaachisu tokkoyyuu hin jiru" jetta; garuu deegaa, rakkataa, hiyyeessa, jaamaa fi qullaa ta'uu kee hin beettu. [18]Kanaaf ati akka duroomtuuf, warqii ibiddaan qulqulleeffame akka narraa bitattu akka qullaan kee qaaneessaan sun hin muldhanneefis uffata adii uffattu akka narraa bitattu, akka arguu dandeettuuf ammoo qoricha ijatti[v] naqattu[w] akka narraa bitattu sin gorsa.

[19]Ani warra jaaladhutti nan dheekkama; nan adabas. Kanaaf jabaadhu; cubbuu irraas deebi'i. [20]Kunoo ani balbala dura dhaabadhee balbala rurrukuta[x]; namni kamiyyuu yoo qoonqa[y] kiyya dhagayee balbala naa bane, ani ol-seenee isa wajjiin irbaata[z] nyaadha; innis na wajjiin ni nyaata.

[s]12 ykn *dira;* [t]14 ykn *dhugeessituun/ rageessituun;* [u]16 ykn *labii/bulluqaa,* [v]18 ykn *qorsa ilatti;* [w]18 ykn *godhattu;* [x]20 ykn *dhadha'a;* [y]20 ykn *qonqoo/sagalee;* [z]20 ykn *golola halkanii*

3:14 *Lodooqiyaa* - Lodooqiyaan magaalaa duroomtuu fi magaalaa daldalaa tan guddachaa jirtu turte. Ishiinis bakka jireenna oomishtoota mi'a suufii biyya sanaa irraa hojjatamee turte. Mi'i suufii kunis gurraacha cululuqaa ta'uu isaatiin beekamaa ture. Akkasumas magaalattiin handhura hujii baankiitiifi bakka asqelephoos waaqichi tolfamaani itti waaqeffatamu turte.

3:16 *Laphii* - Lodooqiyaa bira burqaawwan oow'aa bisaanonni isaanii fagoo deemanittu ture. Bisaani kunis laphii (bulluqoo) ta'ee sana booddee qilee (hallayyaa) fuula Lodooqiyaa duraatti dhangala'a ture. Bisaan sunis dhukkuba namatti fida ture.

[21]Akkuma ani injifadhee Abbaa kiyya woliin teessoo isaa irra taa'e sana namni injifatus akka inni na woliin teessoo kiyya irra taa'uuf mirga nan kennaafi. [22]Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhagawu."

Teessoo Samii Irraa

4 Kana booddees[a] ani ilaalee samii keessatti balbala banamaa tokko fuula kiyya duratti arge; qoonqi[b] jalqabaa kan ani otoo inni akka magalataatti[c] natti dubbatuu dhagayee sun, "asi ol koottu; anis waan gara fuula duraatti ta'uuf jiru sitti argisiisaa!" jedhe. [2]Anis yeruma sana Hafuuraan[d] guutame; kunoo, teessoon namni tokko irra taa'e tokko samii keessa ture. [3]Namichi achi taa'ee tures bifa dhagaa gatii guddaa yaasphidiitii fi sardiyooni fakkaatu qaba ture; naannoo teessoo sanaas sabbata[e] Waaqaa kan bifni isaa dhagaa imeraaldi jedhamu fakkaatuttu ture. [4]Naannoo teessoo sanaas teessowwan biraa[f] diddamii afurittu ture; teessowwan sana irras jaarsonni diddamii afurii uffata adaadii uffatanii, mataa isaaniitti ammoo gonfoo[g] warqii keewwatanii[h] tataa'anii turan. [5]Teessoo sana keessaas balaqqeen[i] nimuldhate; kakawwee[j] fi sagaleen nidhagayame. Teessoo sana fuul-durattis faanosiin torba boba'aa ture; isaanis hafuurota Waaqaa torban. [6]Akkasumas wonni galaana bilillee fakkaatu kan akka daawwitii[k] qulqullaayee tokko teessoo sana fuuldura ture.

Wadhakkaa naannoo teessoo sanaas uumamawwan jiraatoo afurittu ture; isaanis duraa fi duubaan ijaan[l] guutamanii turan. [7]Uumamni jiraataan jalqabaa leenca, inni lammaffaan sangaa fakkaata ture; inni sadaffaan fuula akka fuula namaa qaba ture; inni afraffaan ammoo risaa barrisu[m] fakkaata ture. [8]Tokkoon tokkoon uumamawwan jiraatoo afuranii koola jaha jaha qabu turan; duubni isaaniitii fi keessi isaaniis ijaan guutamee ture; isaanis otoo aara hin galfatin halkanii guyyaa,

[a]1 ykn *duubatti;* [b]1 ykn *qoonqoon/ sagaleen*; [c]1ykn *xurumbaatti;* [d]2 ykn *Ayyaanaan;* [e]3 ykn *uleen waaqaa;* [f]4 ykn *dhibiin;* [g]4 ykn *ruufa*; [h]4 *godhatanii;* [i]5 ykn *angaasuuni;* [j]5 ykn *mandiisuu/ bakakkaan /gigissa;* [k]6 ykn *uf-ilaalii;* [l]6 ykn *ilaan;* [m]7 ykn *bararuu*

4:3 *Yaasphiid* - dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee magariisa (hadhoo) ta'eedha. bifa keelloo (daalacha), magaala yookaan diimaa qabaachuu danda'a.
Sardiyoon - dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee diimatuudha.
Imerald - dhagaa gatii guddaa kan magariisa (dotii) ta'edha.

4:7 *Leenca, sangaa, nama, risaa*- afran isaaniiyyuu tokkummaadhaan guutummaa uumamawwan jiraatoo tokko ta'anii Waaqa galateeffatan sanaa bakka bu'u.

"Waaqayyo Gooftaan inni waan mara danda'u,
inni duri ture; inni amma jiruu fi inni dhufuuf jiru,
qulqulluu[n] dha; qulqulluu dha; qulqulluu dha;"

jedhanii faarfachuu matumaa[o] hin dhiisan. [9]Uumamawwan jiraatoon sun yommuu isa teessoo irra taa'u kan baraa hanga barabaraatti jiraatu sanaaf ulfinna kennanitti, kabajaa fi galata yommuu dhiyeessanitti, [10]Jaarsonni diddamii afran sunis fuula isa teessoo irra taa'u sanaa duratti kufanii[p] isa baraa hanga barabaraatti jiraatu sana waaqeffatu; gonfoowwan isaaniillee fuula teessoo sanaa dura kakaayanii akkana jedhu:

[11]"yaa Gooftaa keenna! yaa Waaqa keenna!
Ati waan cufa waan uumteef, isaan fedhii keetiin waan uumamaniif,
fedhii keetiinis waan jiraataniif,
ulfinna, kabajaa fi humna argachuun siif ni mala."

Kitaaba Maramaa Fi Hoolicha

5 Anis harka mirga isa teessoo irra taa'e sanaa irratti kitaaba maramaa keessaa fi duubaan itti barreeffamee chaaphaa torbaan cufame tokko arge. [2]Anis otoo Maleekkaan jabaan tokko qoonqa[q] guddaan, "chaappaa hiikuun, kitaabas banuun kan maluuf eenyu inni?" jedhee labsuu arge. [3]Garuu namni tokkolleen samii keessaa yookaan lafa irraa yookaan lafa jalaa kitaabicha banuu yookaan keessa isaallee ilaaluu hin dandeenne. [4]Anis waan namni kitaabicha banuun yookaan keessa isaallee ilaaluun maluuf tokkoyyuu dhabameef hiqqifadhee[r] booye. [5]Eegasiis jaarsota sana keessaa inni tokko, "hin booyini; kunoo, leencii gosa Yihuudaa, sanyiin Daawiti moo'ateera; inni kitaabicha banuu, chaappaa kitaabichaa torbanuus hiikuu ni danda'a" naan jedhe.

[6]Anis hoolaa waan qalame fakkaatee teessoo walakkaa uumamawwan jiraatoo afranii fi jaarsotaan marfamee dhaabatu tokko arge; innis gaafa torbaa fi ija[s] torba qaba ture; ijji torban kunniinis Hafuurota[t] Waaqaa kanneen gara lafa maraatti ergaman torbani. [7]Hoolaan sunis dhufee harka mirga isa teessoo irra taa'ee jiru sanaa irraa kitaabicha fudhate.

[n]8 ykn *woyyuu;* [o]8 ykn *akkanallee jedhanii;* [p]10 ykn *jijjiganii;* [q]2 ykn *sagalee/qoonqoo;* [r]4 ykn *guddisee;* [s]6 ykn *ila;* [t]6 ykn *Ayyaanota*

5:6 *Gaafa torbaafi ija (ila) torba* - kitaaba Qulqulluu keessatti gaafni fakkeenna jabeennaatiifi humnaati." gaafni torba "humna akka malee guddaa agarsiisa; iji ammoo dandeettii Waaqni waan cufa arguufi beekuuf qabu agarsiisa.

[8]Yommuu inni kitaaba sana fudhatettis uumamawwan jiraatoon afranii fi jaarsonni diddamii afran fuula hoolichaa duratti kufan[u]; cufti isaanii kiraara qabu turan; isaanis mi'a hixaanaa kan warqii irraa hojjatameefi kan hixaanni keessa guute harkaa qabu turan; hixaanni kunis kadhannaa qulqullootaa ti. [9]Isaanis akkana jedhanii faarfannaa haaraya faarfatan;

"kitaabicha fuudhuun,
chaappaa kitaabichaas hiikuun,
siif mala;
Sababiin isaas ati qalamtee,
gosa hundumaa keessaa,
afaan hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaa, sanyii hundumaa keessaa,
dhiiga keetiin Waaqayyoof namoota bitteertaatii.
[10]Akka isaan mootummaa fi luboota[v] Waaqa keennaa
ta'anis gooteerta;
isaanis lafa irratti ni moowu."

[11]Anis ilaalee sagalee maleekkota baayee dhagayee; baay'inni isaaniis kumaatamaa fi miliyoona hedduu ture; isaanis teessoo sanatti, uumamawwan jiraatoo fi jaarsotatti naanna'anii turan. [12]Isaanis akkana jedhanii sagalee guddaan faarfatan;

"hoolaa qalame sanaaf,
humnaa fi qabeenna, qaroomaa fi jabeenna,
kabajaa fi ulfinna, galatas argachuun ni mala."

[13]Anis ergasii uumamni samii keessa jiru, kan lafa irra jiru, kan lafa jala jiruu fi kan galaana keessa jiru marti, uumamni isaan keessa jiru martinuus,

"isa teessoo irra taa'u sanaa fi hoolichaaf,
galanni fi kabajni, ulfinnii fi humni,
baraa hanga barabaraatti haa ta'uu" jedhanii otoo faarfatanuu dhagaye.

[14]Uumamawwan jiraatoon afran, "aamiin" jedhani; jaarsonnis kufanii sagadani.

Chaappaawwan Torba

6 Anis yommuu hoolaan sun chaappaawwan torban keessaa isa jalqabaa banu nan arge; eegasiis uumamawwan jiraatoo keessaa inni tokko qoonqa[w] akka bakakkaatiin[x], "koottuu ilaali!" jechuu isaa nan dhagaye. [2]Anis nan ilaale; kunoo, fardii adiin tokko fuula kiyya dura ture; inni farda sana yaabbates futtaasaa[y] harkatti qabatee ture; gonfoonis[z]

[u]8 ykn *jiganii;* [v]10 ykn *qaallolee;* [w]1 ykn *sagalee/qoonqoo;* [x]1 ykn *qawwee Waaqaa;* [y]2 ykn *iddaa/guubee;* [z]2 ykn *badhaasi/ruufii*

6:2 *Farda adii* - fakkeenna boojuu fi moo'annaati,

ni kennameefi; innis injifachaa,[a] injifachuufis baye.

[3]Yommuu hoolichi chaappaa lammaffaa banettis uumamni jiraataan inni lammaffaan, "koottuu ilaali!" jechuu isaa nan dhagaye. [4]Fardii biraa[b] kan akka ibiddaa diimatu tokkos ni dhufe; isa fardicha yaabbatuufis akka inni nagaya lafa irraa balleesuu fi akka namoonni wal gorra'an akka godhuuf humni kennameefi; goraadeen guddaan tokkos ni kennameefi.

[5]Yommuu hoolaan sun chaappaa sadaffaa banettis uumamni jiraataan inni sadaffaan, "koottuu ilaali!" jechuu isaa nan dhagaye; nan ilaales; kunoo, fardi gurraachi tokko fuula kiyya dura ture. Inni fardicha yaabbatus madaallii uf harkaa qaba ture. [6]Anis waan akka sagalee uumamawwan jiraatoo afran jidduu dubbatame fakkaatu tokko, "qamadiin[c] safartuu tokko mindaa[d] guyyaa tokkootiif, garbuuni safartuu sadiis mindaa guyyaa tokkootiif haa ta'uu; garuu zayitii fi daadhii wayinii hin miidhin" jechuu isaa nan dhagaye.

[7]Yommuu hoolichi chaappaa afraffaa banetti uumamni jiraataan afraffaan, "koottuu ilaali!" jechuu isaa nan dhagaye;. [8]Anis nanilaale; kunoo, fardi daalachi tokko fuula kiyya dura ture; inni fardicha yaabbatus maqaan isaa du'a jedhama ture; Si'oolis dudda duubaan itti dhiyaatee isa hordofaa ture; isaanis goraadeen, beelaan, balaa[e] fi bineensota lafaatiin akka ajjeesaniif kutaa lafa kanaa harka afur keessaa harka tokko irratti humni kennameefi.

[9]Yommuu inni chaappaa shanaffaa banetti ani iddoo aarsaa[f] jalatti lubbuuwwan warra sababii dubbii Waaqayyootiifi sababii dhuga-ba'iisa[g] kennan sanaatiif jedhanii gorra'amanii nan arge. [10]Isaanis qoonqa guddaan, "yaa Gooftaa waan cufaa ol taate, Gooftaa qulqulluu[h] fi Gooftaa dhugaa, ati otoo warra lafa irra jiraatanitti hin murin hanga yoomiitti turta? Hanga yoomiittis dhiiga keennaaf haaloo hin baatu?" jedhanii iyyani. [11]Tokkoo tokkoo isaaniitiifis uffanni adaadiin ni kenname; hanga lakkoofsi[i] warra isaan wojjiin tajaajilaniitiifi[j] lakkoofsi obboleeyyan isaanii kanneen akkuma

[a]2 ykn *dabsachaa/moo'achaa;* [b]4 ykn *dhibiin;* [c]6 ykn *dargaayyee;* [d]6 ykn *gatii dadhabbii;* [e]8 ykn *dhayichaa*; [f]9 ykn *fulaa sooriyoo;* [g]9 ykn *dhugeessaa/ ragaa;* [h]10 ykn *woyyuu;* [i]11 ykn *laakkofsi/henni;* [j]11ykn *hojjataniitiifi*

6:4 *Diimaa* - bifa ibiddaa kan waraana qofa otoo hin ta'in akka qalamuunis waraana keessa jiru agarsiisuudha.

6:5 *Farda gurraacha* - kun fakkeenya beelaa jechuunis du'a beelli fidudha.

isaaniitti ajjeefamuu qaban sanaa guutamutti akka yeroo diqqoo obsan isaaniitti himame.

12 Yommuu inni chaappaa jahaffaa banettis nan arge; sochii lafaa guddaa tokkotu ture; aduun akka uffata gaddaa[k] gurraachofte[l]; jiinis akkuma dhiigaa diimatte. 13 Urjiiwwan samiilleen akkuma firiin[m] muka harbuu[n] yommuu qilleensa jabaan raafamutti harca'u sana lafatti gadi harca'ani. 14 Samiin akkuma kitaaba maramaatti maramee dabre; gaarrii fi lafti bisaan jidduus[o] bakka[p] isaaniitii buqqifamani.

15 Mootonni lafa irraa, bulchitonnii fi abbootiin duulaa, dureeyyii fi namoonni jajjaboonni, namoonni dhibiin martii, garbas ta'u bilisni[q] holqa[r] keessaafi, qarsaawwan[s] gaarotaa jidduutti dhokatani. 16 Isaanis gaarotaa fi qarsaawwan waammatanii akkana jedhu; "nurratti jigaa; fuula isa teessoo irra taa'u sanaatii fi dheekkamsa hoolichaa duraa nu dhossaa; 17 Guyyaan dheekkamsa isaanii inni guddaan sun gayeeraatii. Egaa eennuttu guyyaa sana dura dhaabachuu danda'a ree?"

Namoonni 144, 000 Chaappaan Mallatteeffamuu Isaanii

7 Eegasiis maleekkonni afur golee[t] lafaa afuran irra dhaabatanii akka bubbeen tokkoyyuu lafa irratti yookiin galaana irratti yookiin muka tokko irrattillee hin bubbifne gochuuf otoo bubbee lafaa afran dhowwanuu nan arge. 2 Maleekkaan chaappaa Waaqa jiraataa qabu kaan immoo otoo karaa ba'a biiftuutiin ol-bawuu nan arge; Innis maleekkota afran akka isaan lafaa fi galaana miidhaniif humni kennameef sana qoonqa[u] guddaan waamee, 3 "haga nu adda tajaajiltoota[v] Waaqa keennaa irratti chaappaa goonutti lafa yookiin galaana yookiin muka hin miidhinaa" jedhe. 4 Anis lakkoofsa[w] warra chaappaan mallatteeffamanii nan dhagaye; innis gosa Israa'elii cufa keessaa 144,000 ture.

5 Gosa Yihuudaa keessaa 12,000,
Gosa Roobeeli keessaa 12,000,
Gosa Gaadi keessaa 12,000,
6 Gosa Aseeri keessaa 12,000,
Gosa Niftaaleeemi keessaa 12,000,
Gosa Minaasee keessaa 12,000,
7 Gosa Simi'oonii keessaa 12,000,
Gosa Leewwii keessaa 12,000,
Gosa Yisaakoorii keessaa 12,000,
8 Gosa Zaabiloonii keessaa 12,000,
Gosa Yooseefii keessaa 12,000,
Gosa Biiniyaamii keessaa 12,000
chaappaan mallatteeffamani.

[k] 12 ykn *laalalaa;* [l] 12 ykn *gurraattofte;* [m] 13 ykn *midhaani;* [n] 13 ykn *odaa;* [o] 14 ykn *odolli;* [p] 14 ykn *fulaa;* [q] 15 ykn *balchaani;* [r] 15 ykn *olla;* [s] 15 ykn *dhakaa gugurdaa;* [t] 1 ykn *moggaa/roga/golloo;* [u] 2 ykn *sagalee/qoonqoo;* [v] 3 ykn *hojjattoota;* [w] 4 ykn *henna/laakkofsa*

Tuuta Namoota uffata Adaadii Uffatanii

[9]Anis kana booddee[x] nan ilaale;
kunoo, tuunni guddaan namni
tokkoyyuu lakkaawuu hin dan-
deenne kan biyya hundumaa, gosa
hundumaa, saba hundumaa fi
afaan hundumaa keessaa walitti
qabame tokko teessoo sana dura
fuula hoolichaa dura dhaabatee
ture. Namoonni walitti qabaman
sunis uffata adaadii uffatanii,
damee meexxiis harkatti qabatanii
turani. [10]Isaanis sagalee guddaan,
"fayyinni kan Waaqa keenya
isa teessoo irra taa'uutii fi
kan hoolichaatti" jedhanii iyyani.
[11]Maleekkonni martinuu teessi-
chatti, jaarsotaa fi uumamawwan
jiraatoo afranitti naanna'anii
dhadhaabachaa turani; isaanis adda
isaaniitiin fuula teessoo sanaa
duratti gombifamanii Waaqaaf
sagadani; [12]Akkanas jedhan:
" Aamiin!
Eebbii fi ulfinni,
Ogummaan, galanni, kabajni[y],
humnii fi jabeenni,
baraa hanga barabaraatti
Waaqa keennaaf haa ta'uu;
aamiin!"
[13]Jaarsota keessaas inni tokko,
"warri uffata adaadii uffatan
kunniin eenyu fa'a? eessaas dhu-
fanii?" jedhee na gaafate.
[14]Anis, "Yaa Gooftaa, sittuu
beeka" jedhee deebiseef.
Innis akkana naan jedhe; "isaan
kunniin warra cinqama guddaa
keessaa ba'anii dhufanii dha;
isaanis dhiiga hoolichaatiin uffata
isaanii miicatanii addeeffataniiru.
[15] Kanaaf,
"isaan teessoo Waaqayyoo dura
jiru;
halkanii guyyaas mana
qulqullummaa isaa kees-
satti isa tajaajilu;
inni teessicha irra taa'us dunkaana
isaa isaan irra ni diriirsa.
[16]Isaanis matumaa[z] deebi'anii hin
beela'an;
matumaas deebi'anii hin
dheebotani;
aduun isaan hin dhawu;
oow'ii gubaanis isaan hin
miidhu.
[17]Hoolichi wadhakkaa[a] teessoo
sanaa jiru
tissee isaanii ni ta'aatii,
innis gara burqaa bisaan
jireennaatti
isaan geessa;
Waaqayyos imimmaan cufa
ija[b] isaanii irraa ni haaqa."

Chaappaa Torbaffaa fi Mi'a Hixaanaa kan Warqii irraa Hojjatame

8 Yommuu hoolichi chaappaa torbaffaa banetti gara wad-
hakkaa sa'aatii tokkoo samii
keessa caldheesatu[c] ture.

[x]9 ykn *duubatti;* [y]12 ykn *guddinni;* [z]16 ykn *akkanallee jedhanii;* [a]17 ykn *Walakkaa;* [b]17 ykn *ila;* [c]1 ykn *gabiitu ta'e*

[2]Anis maleekkota fuula Waaqay-
yoo dura dhadhaabatan torba nan
arge; isaanifis magalanni[d] torba
ni kenname;
[3]Maleekkaan biraa[e] kan mi'a
hixaanaa kan worqii irraa ho-
jjatame qabu tokko dhufee iddoo
aarsaa[f] dhaabate. Innis iddoo
aarsaa kan warqii irraa hojjatame
kan fuula teessichaa dura jiru
sana irratti akka kadhannaa
qulqulloota hundumaa woliin
dhiyeessuuf hixaanni baay'een
isaaf kenname. [4]Aarri hixaana
sanaas kadhannaa qulqullootaa
wajjiin harka maleekkaa sanaa
keessaa fuula Waaqaa duratti ol
bahe. [5]Maleekkaan sunis mi'a
hixaanaa fuudhee iddoo aarsaa
irraa ibidda itti guutee lafatti
gadi darbate; ergasiis sagaleen[g]
ni dhagayame; nimandi'e[h]; ni-
balaqqise[i];laftis ni sochoote.

Magalata

[6]Maleekkonni torban warri ma-
galata torba qabanis magalata
isaanii afuufuuf qophaa'an.
[7]Maleekkaan jalqabaa magalata
isaa afuufe; cabbii fi ibiddi
dhiigaan makames dhufee lafatti
gadi darbatame; lafti harka sadii
keessaa harki tokko ni gubatte;
muktis harka sadii keessaa harki
tokko ni gubate; margi lalisaan[j]
cuftinuus ni gubate.
[8]Maleekkaan lammaffaanis
magalata isaa afuufe; wonni
akka gaara guddaa ibiddaan
gubachaa jiruu tokkos galaanatti
gadi darbatame; galaannis harka
sadii keessaa harki tokko dhii-
gatti jijjiirame. [9]Uumamawwan
jiraatoon galaana keessaa harka
sadii keessaa harki tokko ni dhu-
man; dooniiwwan[l] harka sadii
keessaas harki tokko ni bar-
badaa'an.
[10]Maleekkaan sadaffaanis ma-
galata isaa afuufe; urjiin gud-
daan akka gucaa[m] bobawu
tokkos sami irraa lageen harka
sadii keessaa harka tokko irra,
burqaawwan bisaanii irra bu'e.
[11]Maqaan urjii sanaas "hadheessaa"
jedhama; bisaan sunis harka
sadii keessaa harki tokko ni had-
haaye; sababii bisaan sun had-
heeffameefis namoonni baay'een
bisaaniin dhumani.
[12]Maleekkaan afraffaanis ma-
galata isaa afuufe; aduun harka
sadii keessaa harki tokko, ji'ii
harka sadii keessaa harki tokko,
urjiinis harka sadii keessaa harki
tokko ni rukutamani[n]; kanaanis
ifti isaanii harka sadii keessaa
harki tokko ni dukkanaaye; guy-
yaan harka sadii keessaa harki
tokko akkasumas halkan harka

[d]2 ykn. *xurumbaani;* [e]2 ykn *dhibiin;* [f]3 ykn *fulaa sooriyoo;* [g]5 ykn *qoonqi/ qoonqoon;* [h]5 ykn *nikakawwise;* [i]5 ykn *ni anga'e;* [j]6 ykn *xurumbaa;* [k]7 ykn *buuy-yoon dotiin;* [l]9 ykn *hoboloon;* [m]10 ykn *muka ibiddaa;* [n]12 ykn *dhawaman*

sadii keessaa harki tokko ifa malee hafe.

[13]Anis ilaalee risaa samii wadhakkaa barrisaa[o] qoonqa guddaan, "sababii qoonqa magalataa kan maleekkota dhibii sadaniin dhageessifamuuf jiru sanaatiif warra lafa irra jiraataniif wayyoo! wayyoo! wayyoo!" jedhee iyyu tokko nan dhagaye.

9 Maleekkaan shanaffaan magalata[p] isaa afuufe; anis urjii samii irraa lafa bu'e tokko arge; urjii sanaafis furtuun boolla qilee ni kenname. [2]Yommuu inni boolla qilee sana banettis aarri tokko akkuma aara boolla ibiddaa guddaa keessaa bawuutti ol-baye; aduu fi samiinis aara boolla qilee keessaa bawu sanaan dukkaneeffamani. [3]Aara sana keessaas hawwaannisa baay'eettu lafatti harca'e; hawwaannisoota sanaafis humni akka humna torbaan-qabaa[q] lafaa ni kenname. [4]Isaanis akka namoota adda isaanii irraa chaappaa Waaqayyoo hin qabaatin qofa miidhan ajajamani malee akka marga[r] lafaa yookaan biqiltuu yookaan muka tokkollee miidhan hin ajajamne. [5]Isaanis akka namoota sana ji'a shan cinqaniif eeyyamameef malee akka ajjeesaniifii miti; cinqamni kunis akkuma cinqama isa yommuu qaanjibbuun nama iddutti cinqamanii ti. [6]Bara sana keessa namoonni du'a barbaadu; garuu hin argatani. Du'uus ni hawwu; duuti garuu isaan baqata.

[7]Bifti hawwaannisoota sanaas fardoolee duulaaf qopheeffaman fakkaata ture; mataa isaaniittis waan akka gonfoo[s] warqii keewwatanii turani; fuulli isaaniis fuula namaa fakkaata ture. [8]Rifeensii isaanii rifeensa mataa dubartootaa[t] fakkaata ture; ilkaan isaaniis ilkaan leencaa fakaata ture.[9] Isaanis wantee[u] wantee sibiilaa fakkaatu qabu turani; qoonqi[v] koola isaaniis qoonqa fardooleetii fi gaariwwan baay'ee kanneen gara duulaatti didichanii[w] fakkaata ture. [10]Isaanis akkuma torbaan-qabaa eegee fi ilkee qabu turani; eegee isaanii keessaa immoo humna ittiin ji'a shan nama cinqani qabu turani. [11]Isaanis mootii isaan bulchu qabu turan; innis maleekkaa boolla qileetti; maqaan isaas afaan Ibraayisxiitiin Abaadoon, afaan Girikiitiin immoo Aphooliyooni jedhama ture.

[12]Wayyoon inni duraa dabreera; kunoo, wayyoowwan biraa[x] lamattu dhufuuf jira.

[13]Maleekkaan ja'affaanis magalata isaa afuufe; anis

[o]13 ykn *bararaa;* [p]1 ykn *xurumbaa;* [q]3 ykn *qaanjibbuu;* [r]4 ykn *buuyyoo;* [s]7 ykn *ruufa;* [t]8 ykn *nadheenii;* [u]9 ykn *gaachana/maddaa;* [v]9 ykn *qoonqoon/ sagaleen;* [w]9 ykn *rukkisanii;* [x]12 ykn *dhibiin*

gaafa afran kanneen iddoo aarsaa[y] kan warqii irraa hojjatamee fuula Waaqayyoo dura jiru irraa qoonqa tokko nan dhagaye. [14]qoonqi sunis maleekkaa ja'affaa magalata qabu sanaan, "maleekkota afran kanneen laga Efraaxiisi guddicha biratti hidhaman sana gadi dhiisi" jedhe. [15]Maleekkonni afran sa'aatii kanaaf, guyyaa kanaaf, ji'aa fi waggaa kanaaf qopheeffamanii turanis sanyii namaa harka sadii keessaa harka tokko fixuuf gadi dhiifamani. [16]Anis baayyinna loltoota warra fardooleen duulanii nan dhagaye; baay'inni isaaniis miliyoona dhibba lama ture.

[17]Anis daayyaa[z] kiyya keessatti fardoolee fi namoota farda yaabbatan nan arge; isaanis wantee diimaa akka ibiddaa, gurraacha cuquliisaa fi keelloo[a] akka dinyii[b] qabu turani. Mataan fardoolee sanaas mataa leencaa fakkaata ture; afaan isaanii keessaas ibidda, aaraa fi dinyiittu ba'e. [18]Dhayicha[c] sadan kanaan jechuunis ibiddaa, aaraa fi dinyii afaan isaaniitii ba'een sanyiin namaa harka sadii keessaa harki tokko ni ajjeefame. [19]Humni fardoolee sanaas afaan isaaniitii fi eegee isaanii keessa ture; eegeen isaanii akkuma bofaa mataa qaba tureetii; isaanis mataa sanaan nama miidhu turan.

[20]Namoonni dhayicha sanaan ajjeefamuu jalaa ba'anis ammayuu hujii harka isaanii irraa hin deebine; jinniiwwan waaqeffachuu fi waaqota tolfamoo warqii irraa, meetii irraa, sibiila diimaa[d] irraa, dhagaa fi muka irraa hojjataman kanneen arguu yookiin dhagawuu yookiin deemuu hin dandeenne Waaqeffachuu hin dhiifne. [21]Akkasumas nama ajjeesuu isaanii irraa yookaan falfala hojjachuu isaanii irraa yookaan halalummaa[e] isaanii irraa yookaan hanna isaanii irraa hin deebine.

Maleekkaa fi Kitaaba Maramaa Diqqaa

10 Anis otoo Maleekkaan jabaan biraa[f] tokko samii irraa gadi bu'uu arge; innis duumessa uffatee ture; mataa isaa irraan immoo sabbata[g] Waaqaatu ture; fuulli isaa akka aduu, miilli isaas akka utubaa ibiddaa ture. [2]Innis kitaaba maramaa diqqaa

[y]13 ykn *fulaa sooriyoo;* [z]17 ykn *muldhata/manaaba;* [a]17 ykn *daalacha;* [b]17 ykn *dilloo bobeettuu;* [c]18 ykn *balaa/mudaa;* [d]20 ykn *naasii;* [e]21 ykn *hawadii;* [f]1 ykn *dhibiin;* [g]1 ykn *ulee*

9:17 *Hallu ibiddaatiifi sanpheeri akkasumas kan dinyii* - kunis diimaa, cuquliisa akkasumas keelloodha. Sanpheeriin dhagaa gatii guddaa gurraacha akka cuquliisaati; dinyiini ammoo kemikkaal keelloo fakkaatu kan Oowa'a guddaadhaan gubamuufi kan foolii (haruufa) namatti hin tolle qabuu dha.

baname tokko harkatti qabatee ture; miila isaa kan mirgaa galaana irra, miila isaa kan bitaa ammoo lafa gogaa irra dhaabee ture. [3]Innis akkuma leenca aaduutti[h] qoonqa[i] guddaan iyye; yommuu inni iyyettis bakakkaawwan[j] torban qoonqa dhageessisani. [4]Yommuu qoonqi bakakkaawwan torbanii dhageessifamettis ani barreessuuf qophaayee ture; garuu qoonqa, "waan bakakkaawwan torban jedhan sana chaappaan cufi malee hin barreessini" jedhu tokko samii irraa nan dhaga'e.

[5]Maleekkaan ani otoo inni galaanaa fi lafa gogaa irra dhaabatuu argee ture sunis harka isaa kan mirgaa samiitti ol qabe. [6]Innis isa baraa hanga barabaraatti jiraatu, isa samiiwwanii fi waan isaan keessa jiru hundumaa, lafaa fi waan isa keessa jiru hundumaa, galaanaa fi waan isa keessa jiru hundumaa uume sanaan akkana jedhee kakate; "ammaan achi lafa irra harkisuun[k] hin jiru; [7]garuu bara maleekkaan torbaffaan magalata[l] isaa afuufutti icciitiin[m] Waaqayyoo akkuma inni raajota[n] warra hojjattoota isaa ta'anitti labse sanatti ni guutama."

[8]Qoonqi ani samii irraa dhagayee ture sun ammas deebi'ee, "dhaqiitii kitaaba maramaa banamee harka maleekkaa isa galaanaa fi lafa gogaa irra dhaabatuu keessa jiru sana fudhadhu" naan jedhe.

[9]Kanaaf ani gara maleekkichaa dhaqee akka inni kitaaba maramaa diqqaa sana naa kennuuf isa gaafadhe; innis, "fudhadhuutii nyaadhu; kitaabni kun garaa kee ni hadheessa; afaan kee keessatti garuu akka dammaa mi'aawa" naan jedhe. [10]Anis kitaaba maramaa diqqaa sana maleekkicha harkaa fudhadhee nyaadhe; innis afaan kiyya keessatti akkuma dammaa mi'aaye; eegii ani nyaadhe garuu garaan kiyya ni hadheeffame. [11]Eegasii ammoo, "ati waayee saba baayyee, waayee sanyii baay'ee, waayee afaan baayyeetii fi waayee mootota baay'ee ammas raajii[o] dubbachuu qabda" jedhamee natti himame.

Dhugeessitoota lamaan

11 Uleen akka ulee safartuu fakkaatu tokko naa kenname; akkanas jedhamee natti himame; "dhaqiitii mana qulqulluummaa Waaqayyootii fi iddoo aarsaa[p] safari[q]; warra achitti waaqeffatanis lakkaayi[r]. [2]Bakka[s] dallaya keessaa isa mana qulqullummaatii

[h]3 ykn *ittanuutti;* [i]3 ykn *qoonqoo/ sagalee;* [j]3 ykn *mandiisuun;* [k]6 ykn *tursiisuun;* [l]7 ykn *xurumbaa;* [m]7 *dhossaan;* [n]7 ykn *raagota;* [o]11 ykn *dubbii raagaa/himana;* [p]1 ykn *fulaa sooriyoo;* [q]1 ykn *madaalii;* [r]1 ykn *hedi/laakkayi;* [s]2 ykn *fulaa*

ala ta'e garuu hin safarini; bakki sun waan namoota ormaatiif kennameef isa itti hin ida'ini. Isaanis magaalaa[t] qulqulluu sana ji'a afurtamii lama dhidhiitu. [3]Anis dhugeessitoota[u] kiyya lamaaniif humna nan kenna; isaanis uffata gaddaa[v] uffatanii guyyaa 1260 raajii[w] ni dubbatu". [4]Isaan kunniinis muka ejersaa lamaanii fi baattuu ibsaa lamaan fuula Gooftaa lafaa dura dhaabatanii dha. [5]Yoo namni tokkoyyuu isaan miidhuu barbaade ibiddi afaan isaaniitii bayee diinoota[x] isaanii ni balleessa; kunis haala namni isaan miidhuu barbaadu kamiyyuu ittiin ajjeefamuu qabuu dha. [6]Namoonni kunniin yeroo isaan raajii dubbatanitti akka bokkaan hin roobneef humna ittiin samii cufan qabu; akkasumas bishaanota dhiigatti jijjiiruu fi yeroo barbaadanitti dhayicha[y] gosa maraatiin lafa rukutuuf[z] humna qabu.

[7]**Y**ommuu isaan rageessuu isaanii xummuranittis[a] bineensi qilee keessaa ol bawu sun lola isaanitti kaasa; isaan moo'ata; isaan ajjeesas. [8]Reeffi isaaniis karaa magaalattii guddoo bakka Gooftaan isaanii itti fannifame irra ni ciciisa; magaalattiin tunis isii hiikkaa hafuuraatiin[b] Sodoomii fi Gibxi jedhamtuu dha. [9]Namoonni saba cufa keessaa, gosa cufa keessaa, afaanii fi sanyii cufa keessaa dhufaniis ija[c] babaasanii[d] guyyaa sadii fi walakkaa[e] reeffa isaanii ilaalu, akka hin awwaalamnes ni dhowwu[f]. [10]Raagonni[g] lamaan kunniin waan warra lafa irra jiraatan cinqaa turaniif warri lafa irra jiraatan du'a isaaniitti ni gammadu; jila[h] gammachuus ni godhatu; kennaas walii ergu.

[11]Guyyaa sadii fi wadhakkaa sana booddee[i] garuu hafuurri jireennaa Waaqa biraa dhufee jara sanatti gale; isaanis ka'anii miila isaaniitiin dhaabatani, warri arganis akka malee sodaatani. [12]Raagonni sunis sagalee[j] guddaa, "asi ol koottaa!" isaaniin jedhu tokko samii irraa dhagayani; otuma diinonni isaanii ilaalanuus duumessaan gara samiitti ol baayani.

[13]Yeroo sanattis sochii lafaa guddaa isaattu ture; magaalaan sunis harka kudhan keessaa harki tokko ni barbadaaye; namoonni kuma torbaas sochii lafaa sanaan dhumani; warri hafan ammoo sodaatanii Waaqa samiitiif ulfinna kennani.

[14]Woyyoon lammaffaan dabreera; kunoo, woyyoon sadaffaan dafee

[t]2 ykn *dira;* [u]3ykn *rageessitoota/ dhugaa - baatota;* [v]3 ykn *laalalaa;* [w]3 ykn *dubbii raagaa/himana;* [x]5 ykn. *Nyaapha;* [y]6 ykn *balaa;* [z]6 ykn *dhawuuf;* [a]7 ykn *fixanitti;* [b]8 ykn *ayyaanaatiin;* [c]9 ykn *ila;* [d]9 ykn *bobaasanii;* [e]9 ykn *wadhakkaa;* [f]9 ykn *dhoorgu/ dhooggu;* [g]10 ykn *raajonni;* [h]10 ykn *cidha;* [i]11 ykn *duubatti;* [j]12 ykn *qoonqoo/ qoonqa*

ni dhufa.

Magalata Torbaffaa

15 Maleekkaan torbaffaanis magalata[k] isaa afuufe; qoonqi gugurdaan,
"mootummaan biyya lafaa
amma mootummaa Gooftaa keennaatii fi
mootummaa Masiihii isaa ta'eera;
innis baraa hanga barabaraatti ni moo'a[l]" jedhu samii keessa ture.
16 Jaarsonni diddamii afran fuula Waaqayyoo dura teessoo isaanii irra taa'anii turan sunis adda isaaniitiin gombifamanii Waaqayyoof sagadani. 17 Akkanas jedhani:
"Yaa Waaqayyo Gooftaa waan maraa dandeettu,
kan jirtuu fi kan turte,
ati humna kee isa guddaa fudhattee
waan moowuu jalqabdeef galata sii dhiyeessina.
18 Namoonni Ormaa ni aarani;
dheekkamsi keelleen dhufeera.
Yeroon warri du'an itti murtii argatan gayeera;
yeroon ati itti raajota tajaajiltoota[m] kee ta'aniif,
qulqulloota keetii fi warra maqaa kee sodaatan
xiqqaafis ta'u guddaaf badhaasa kennitu gayeera;
yeroon ati itti warra lafa balleessan balleessitus gayeera."
19 Manni qulqullummaa Waaqayyoo kan samii keessaas ni baname; sanduuqni kakuu isaas mana qulqullummaa isaa keessatti muldhate. Ergasiis ifa hangaasuu[n], qoonqa, bakakkaa[o], sochii lafaatii fi rooba cabbii[p] guddaa isaattu ture.

Dubartittii fi Bineensa Akka Jawwee

12 Milikkinni[q] guddaanii fi dinqisiisaan[r] tokko samii keessatti muldhate; dubartii[s] biiftuu uffattee miila ishii jalaa ji'a qabdu tan mataa ishiitti immoo gonfoo[t] urjoota kudhanii lamaa keewwatte[u] tokkottu ture. 2 Ishiinis ulfa[v] turte; yommuu dawumsi ishii gayettis ciniinsuun qabamtee iyyite. 3 Milikkinni dhibiinis[w] samii keessatti muldhate; kunoo bineensa diimaa guddaa jawwee fakkaatu, kan mataa torbaa fi gaafa kudhan qabu, kan mataa isaatti ammoo gonfoo torba keewwatu tokkottu ture. 4 Eegeen isaas urjoota samii irra jiran harka sadii keessaa harka tokko haxaayee lafatti gadi darbate. Bineensii akka jawwee sunis yeroo dubartittiin deessutti daa'ima ishii liqimsuuf jedhee

[k] 15 ykn *xurumbaa;* [l] 15 ykn *mooya;* [m] 18 ykn *hojjattoota;* [n] 19 ykn *balaqqee;* [o] 19 ykn *qawwee waaqaa;* [p] 19 ykn *diriisaa;* [q] 1 ykn *malkanni/milikkeetii;* [r] 1 ykn *ajaa'ibsiisaan/mamsiisaan/ maadeffachiisaan;* [s] 1 ykn *niitii;* [t] 1 ykn *ruufa;* [u] 1 ykn *godhatte;* [v] 2 ykn *ulfoo;* [w] 3 ykn *biraas*

fuula dubartii dawuuf jirtu sanaa dura dhaabate. [5]Isiinis daa'ima dhiiraa isa bokkuu sibiilaatiin saba hundumaa bulchuuf jiru tokko deette; daa'imni ishiilleen gara Waaqayyootti, gara teessoo isaattis ol butame. [6]Dubartittiinis gara lafa onaa[x] bakka[y] akka ishiin guyyaa 1260 achitti kunuunfamtuuf[z] jedhee Waaqni isiif qopheesseetti baqatte.

[7]Lollis samii keessatti ni ka'e; Mikaa'elii fi maleekkonni isaa bineensa sanaan lolani; bineensichii fi maleekkonni isaas uf-irraa lolani[a]. [8]Bineensichii fi maleekkonni isaa garuu ni injifataman[b]; ergasiis bakka isaanii kan samii keessaa sana ni dhabani. [9]Bineensi guddaan sunis gadi darbatame; innis bofa durii isa Daabiloosi yookaan Sheexana jedhamu, isa addunyaa guutuu karaa irraa jallisu sanaa dha; Inni lafatti gadi darbatame; maleekkonni isaas isa wajjiin darbataman.

[10]Anis sagalee[c] guddaa tokko samii keessaa dhagaye; innis akkana jedha:

"Amma fayyinni, humnii fi
mootummaan Waaqa keennaa,
aangoon[d] Masiihii isaas dhufeera;
himataan obboleeyyan keennaa
inni halkanii guyyaa fuula Waaqayyoo duratti,
isaan himatu sun gadi darbatameeraatii.
[11]Isaanis dhiiga hoolichaatiin,
dubbii dhugaa bayiinsa[e] isaaniitiinis,
isa mooyatani;
du'a baqachuuf jedhaniis,
lubbuu isaanii hin mararfanne.
[12] Kanaaf yaa samiiwwan,
isin warri isaan keessa jirattanis gammadaa!
garuu yaa lafaa fi yaa galaana isiniif wayyoo!
Daabiloos gara keessanitti gadi bu'eeraatii;
innis akka yeroo gabaabaa qabu waan beekuuf
baay'ee aareera."

[13]Bineensichis yommuu akka lafatti gadi darbatame argetti, dubartittii daa'ima dhiiraa deesse sana gaargalchuu[f] jalqabe. [14]Dubartittiin garuu akka gara lafa aloo bakka ishiif qopheeffametti boficha jalaa barartuuf[g], achittis

[x]6 ykn *aloo/ hadiyyoo;* [y]6 ykn *fulaa;* [z]6 ykn *waldhaamtuuf;* [a]7 ykn *faccifatan;* [b]8 ykn *dabsataman;* [c]10 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [d]10 ykn *jabeenni;* [e]11 *dhugeessaa/ragaa;* [f]13 ykn *ariyachuu/ reebuu;* [g]14 ykn *barriftuuf*

12:7 *Mikaa'el* - hangafoota maleekkotaa keessaa isa tokko; innis Daani'eli 10:21 irratti eedduu saba Israa'eli kan addaa jedhamee ibsame. Maleekkonni Mikaa'eliis warra ajaja isa jala jiraniidha.

baraaf, barootaa fi wadhakkaa baraatiif[h] akka kunuunfamtuuf baalleen[i] risaa guddaan lama ishiif kenname. [15]Bofichis akka dubartittiin lolaadhaan fudhatamtuuf jedhee dudda ishii duubaan bishaan akka lagaa afaan isaa keessaa dhangalaase. [16]Lafti garuu afaan bantee laga bineensichi afaan isaa keessaa dhangalaase sana liqimsuun dubartittii gargaarte. [17]Bineensii akka jawwee sun dubartittiitti aaree sanyii isii warra hafanitti waraana kaasuu dhaqe; isaanis warra ajaja Waaqayyoo eeganii fi warra dhugeessaa Yesuusi jabeessanii qabatanii dha. Bineensii akka jawwee sunis cirracha galaanaa irra dhaabatee ture.

Bineensa Galaana Keessaa Ba'e

13 Bineensa tokkos otoo inni galaana keessaa bawuu nan arge; innis gaafa kudhanii fi mataa torba qaba ture; gaafawwan isaa irratti gonfoo[j] kudhan,tokko tokkoo mataa isaa irratti immoo maqaa arrabsoo[k] qaba ture. [2]Bineensi ani arge sunis qeerransa fakkaata ture. Miilli isaa miila woraabeessaa, afaan isaa immoo afaan leencaa fakkaata ture. Bineensi akka jawwee sunis humna isaa, teessoo isaatii fi aangoo[l] isaa guddicha bineensichaaf kenne. [3]Mataa bineensichaa torban keessaa inni tokko waan madaa nama ajjeesu qabu fakkaata ture; madaan nama ajjeesu sun garuu fayyee ture; addunyaan guutuunis maadeffatee[m] bineensicha hordofe. [4]Namoonni sababii inni aangoo isaa bineensa sanaaf kenneef jawwee sanaaf sagadani; akkasumas, "eenyuttu bineensicha fakkaata? Eenyuttus waraana isatti kaasuu danda'a?" jedhanii isaaf sagadan.

[5]Bineensichis akka dubbii uftuulummaatii fi arrabsoo dubbatuuf afaan ni kennameefi; ji'a afurtamii lamaaf akka ittiin hojjatuufis aangoon isaaf kenname. [6]Innis maqaa Waaqaatii fi bakka[n] jireenna isaa jechuunis warra samii keessa jiraatan maqaa balleessuun Waaqa arrabsuuf jedhee afaan isaa banate. [7]Akka inni saba Waaqayyoo irratti waraana kaasee isaan moo'atuufis humni ni kennameefi; gosa cufa, saba cufa, afaanii fi sanyii cufa irrattis aangoon ni kennameefi. [8]Warri lafa irra jiraatan martinuu jechuunis warri maqaan isaanii uumama addunyaatii jalqabee kitaaba jireennaa kan hoolicha qalame sanaa keessatti hin galmeeffamin martinuu bineensichaaf ni sagadu.

[h]14 ykn *hiikkaan tokko tokko waggaa sadiifi wadhakkaa;* [i]14 ykn *koolii;* [j]1 ykn *ruufa;* [k]1 ykn *arrabaa;* [l]2 ykn *guddinna;* [m]3 ykn *dinqifatee/ ajaa'ibsiifatee;* [n]6 ykn *fulaa*

[9]Namni gurra qabu haa dha-
gawuu.
[10]Namni booji'amuu qabu kamiyyuu
inni ni booji'ama;
namni goraadeedhaan ajjeesu
kamiyyuu
goraadeen ajjeefamuu qaba.
Kunis obsaa fi amanamummaa
qulqullootaa gaafata.

Bineensa Lafa Keessaa Ba'e

[11]Bineensa biraas[o] otoo inni lafa keessaa bawuu nan arge; innis akka hoolaa gaafa lama qaba ture; akka jawweettis dubbata ture. [12]Bineensi kunis aangoo bineensicha jalqabaa hundaan fuula isaa duratti hojjachaa ture; innis akka laftii fi warri lafa irra jiraatan bineensicha jalqabaa isa madaan nama ajjeesu fayyeef sanaaf sagadan godhe. [13]Innis hanga akka ibiddilleen samii irraa lafatti gadi bu'u godhutti ija[p] namaa duratti baasa gugurdaa hojjate. [14]Milikkita[q] akka inni bakka bineensichi jalqabaa jirutti hojjatuuf eeyyamameef sanaanis namoota lafa irra jiraatan ni gowwoomse; akka isaan ulfinna bineensicha goraadeen madaayee eegasii ammoo jiraate sanaatiif fakkii dhaaban ajaje. [15]Fakkiini bineensa jalqabaa sunis akka dubbachuu danda'uu fi warra fakkii sanaaf sagaduu didan maras akka ajjeesisuuf bineensi inni lammaffaan akka fakkii sanaaf lubbuu kennuuf humni kennameefi. [16]Akkasumas namni martinuu diqqaa fi guddaan, dureessii fi hiyyeessi, bilisnii[r] fi garbi harka mirgaa irratti yookaan adda irratti akka milikkita qabaatu dirqisiise[s]. [17]Kunis namni milikkita kana jechuunis maqaa bineensichaa yookaan lakkoobsa[t] maqaa isaa hin qabaatin kamiyyuu bitachuu yookaan gurgurachuu akka hin dandeenneefi.

[18]Kunis ogummaa gaafata; lakkoobsichi waan lakkoobsa namaa ta'eef namni hubannaa qabu kamiyyuu lakkoobsa bineensichaa haa herreguu; lakkoobsi isaas dhibba jahaa fi jaatamii jaha.

Hoolichaa fi Namoota 144,000

14 Anis nan ilaale; kunoo, hoolichi gaara xiyooni irra dhaabachaa[u] ture; namoonni 144,000, kanneen maqaan isaatii fi maqaan Abbaa isaa adda isaanii irratti barreefames isa woliin turani. [2]Anis qoonqa[v] akka huursaa bisaan baay'eetii fi akka qoonqa bakakkaa[w] guddaa samii irraa dhagaye; qoonqi ani dhagaye sunis akka qoonqa kiraaraa kan namoonni kiraara taphatan dhageessisanii ture.

[o]11 ykn *dhibii/ibaa;* [p]13 ykn *ila;* [q]14 ykn *milikkeeta/malkata;* [r]16 ykn *balchaa;* [s]16 ykn *giddeesse;* [t]17 ykn *akeeka/laakkofsa;* [u]1 ykn *dhaabata'a* [v]2 ykn *sagalee/qoonqoo;* [w]2 ykn *mandiisuu*

[3]Isaanis fuula teessichaa duratti, fuula uumamawwan jiraatoo afraniitii fi fuula jaarsotaa duratti faarfannaa haaraya tokko faarfatani; faarfannaa sanas namoota 144,000 warra lafa irraa furaman[x] sana malee namni dhibiin barachuu hin dandeenye. [4]Isaan kunniin waan qulqullinnaan uf eeganiif warra dubartootaan uf hin xureessinii[y] dha; isaanis bakka[z] hoolaan sun dhaqu hundumatti isa faana deemu; sanyii namaa keessaas hangafa ta'anii Waaqayyoo fi hoolichaaf furamaniiru. [5]Sobni tokkoyyuu afaan isaanii keessatti hin argamne; isaan hirdhinna[a] hin qabani.

Maleekkota sadan

[6]Maleekkaa biraas[b] otoo inni samii walakkaa barrisuu[c] nan arge; innis warra lafa irra jiraatanitti jechuunis saba maratti, gosa maratti, afaanii fi Sanyii maratti akka lallabuuf wangeela barabaraa qaba ture. [7]Innis sagalee[d] guddaan akkana jedhe; "sa'aatiin murtii isaa waan dhiyaateef Waaqa sodaadhaa; ulfinnas isaaf kennaa; isa samii fi lafa, galaanaa fi burqaawwan bisaanii uume sanaaf sagadaa.

[8]Maleekkaan lammaffaanis, "kufteerti[e]! Baabiloon guddittiin isiin akka sabni cufti daadhii wayinii dheekkamsa sagaagala[f] isii dhugu goote sun kufteerti!" jechaa faana bu'e.

[9]Maleekkaan sadaffaanis isaan faana bu'ee sagalee guddaan akkana jedhe; "eennulleen yoo bineensichaa fi fakkii isaatiif sagade, yoo milikkita[g] isaas adda irratti yookiin harka irratti fudhate, [10]Innis akkasuma daadhii wayinii dheekkamsa Waaqayyoo isa otoo homtuu[h] itti hin makamin xuwwaa[i] aarii isaatti buufame irraa ni dhuga; fuula maleekkota qulqullootaatii fi fuula hoolichaa durattis ibiddaa fi dinyiidhaan[j] ni cinqama. [11]Aarri cinqama isaaniis baraa hanga barabaraatti ol-baya; warri bineensichaa fi fakkii isaatiif sagadan yookaan warri milikkita maqaa isaa fudhatan cufti halkanii guyyaa boqonnaa hin qabani. [12]Kunis obsa qulqulloota ajaja Waaqaa eeganiitii fi Yesuusiif amanamanii gaafata.

[13]Anis qoonqa, "waan kana barreessi; ammaan achi warri otoo Gooftaa keessa jiranuu du'an eebbifamoo dha" jedhu tokko samii irraa nandhagaye.

Hafuurichis[k], "dhugumaan isaan

[x]3 ykn *baraaraman;* [y]4 *hiikaan tokko tokko warra dubartoota woliin saal - qunnamtii hin godhinir jedha;* [z]4 ykn *fulaa;* [a]5 ykn *mudaa;* [b]6 ykn *dhibii/ibaa;* [c]6 ykn *bararuu;* [d]7 ykn *qoonqa/ qoonqoo;* [e]8 ykn *yaa jidde;* [f]8 ykn *hawadii;* [g]9 ykn *milikkeeta;* [h]10 ykn *wanni tokkolleen;* [i]10 ykn *muduunuu/waaccaa/ xoofoo;* [j]10 ykn *dilloo bobeettuun;* [k]13 ykn *ayyaannis*

eebbifamoo dha; hujiin isaaniis waan isaan hordofuuf isaan dadhabbii isaanii irraa ni boqotu" jedha.

Oomisha lafaa

[14]Anis nan ilaale; kunoo, duumessa adii tokkottu ture; wonni ilma namaa fakkaatu tokkos gonfoo[l] warqii mataa isaatti keewwatee[m], haamtuu qaramaa tokkos harkatti qabatee duumessicha irra taa'ee ture. [15]Maleekkaan biraas mana qulqullummaatii bayee sagalee guddaan isa duumessa irra taa'e sanaan, "oomishni[n] lafaa waan bilchaateef, yeroon haamaas waan gayeef haamtuu kee fudhadhuutii haami" jedhee iyye. [16]Kanaafis inni duumessa irra taa'e sun haamtuu isaa lafatti dhaabe; laftis ni haamamte.

[17]Maleekkaan biraas mana qulqullummaa isa samii keessaatii bahe; innis akkasuma haamtuu qaramaa qaba ture. [18]Ammas maleekkaan dhibiin inni ibidda irratti aangoo[o] qabu tokko iddoo aarsaatii[p] dhufee, sagalee guddaan maleekkaa isa haamtuu qaramaa qabu sanaan, "firiin[q] wayinii waan bilchaateef haamtuu kee qaramaa sana fudhadhuutii hurbuu wayinii lafaa walitti qabi"jedhe. [19]Maleekkichis haamtuu isaa lafatti dhaabe; firii wayinii lafaas walitti qabee gara bakka cunfaa wayinii dheekkamsa Waaqaa isa guddaatti darbate. [20]Isaanis bakka cunfaa wayinii kan magaalaa[r] duuba jiru keessatti dhidhiitaman; bakka cunfaa sana keessaas dhiigni hanga luugama fardaatti[s] ol-ka'ee fageenna gara kiiloo meetira dhibba sadii lola'e.

Maleekkota Torban Dhaya-icha Torba Harkaa Qaban

15 Anis milikkita[t] guddaa fi ajaa'ibsiisaa[u] dhibii[v] samii keessatti arge; milikkinni kunis maleekkota torban kanneen dhayicha[w] dhumaa torba harkaa qaban ture; dhayichi torban kunniinis sababii dheekkamsi Waaqayyoo isaaniin fiixa[x] bawuuf dhayicha dhumaa jedhamani. [2]Anis waan galaana bilillee ibiddaan makame fakkaatu tokko arge; warri bineensichaa fi fakkii isaa, lakkoobsa[y] maqaa isaas injifatan[z] kiraara Waaqni isaaniif kenne harkatti qabatanii galaanicha bira dhadhaabachaa[a] turan. [3]Isaanis faarfannaa garbicha Waaqayyoo faarfannaa Muuseetii fi faarfannaa

[l]14 ykn *ruufa;* [m]14 ykn *godhate;* [n]15 ykn *midhaan;* [o]18 ykn *jabeenna;* [p]18 ykn *fulaa sooriyootii;* [q]18 ykn *midhaani muka;* [r]20 ykn *dira;* [s]20 ykn. *lugaama;* [t]1 ykn *malkata/ milikkeeta;* [u]1 ykn *maadeffachiisaa/ dinqisiisaa;* [v]1 ykn *biraa;* [w]1 ykn *balaa;* [x]1 ykn *muummee;* [y]2 ykn *akeeka;* [z]2 ykn *dabsatan/moo'atan;* [a]2 ykn *dhadhaabataa*

hoolichaa akkana jedhanii faarfatani;

"Yaa Waaqayyo Gooftaa waan hundumaa dandeettu,
hujiin kee guddaa dha; dinqisiisaadhas.
Yaa mootii saba hundumaa,
karaan kee qajeelaa dha; dhugaadhas.
[4]Yaa Gooftaa, namni si'i hin sodaanne,
kan maqaa kees hin ulfeessine eennu?
si qofattu qulqulluudhaatii.
Hujiin qajeelummaa keetii waan muldhifameef,
saboonni martinuu ni dhufu;
fuula kee durattis ni sagadu."

[5]Eegasiis nan ilaale; kunoo, manni qulqullummaa inni samii jechuunis dunkaanni dhugeessaa[b] ni baname. [6]Mana qulqullummaa sana keessaas maleekkonni torban dhayicha torba harkaa qaban ni bayani; isaanis uffata qulqulluu calaqqisaa[c] quncee talbaa irraa hojjatame uffatanii naannoo qoma isaaniittis saqqii[d] warqii keewwatanii[e] turan. [7]Uumamawwan jiraatoo afran keessaas inni tokko waciitiiwwan[f] warqii torba kanniin dheekkamsa Waaqa isa baraa hanga bara baraatti jiraatuutiin guutaman maleekkota torbaniif kenne. [8]Manni qulqullummaa sunis aara ulfinnaa fi humna Waaqaa keessaa bawuun guutame; hanga dhayichi torban maleekkota torbanii raawwatamuttis[g] namni tokkolleen mana qulqullummaa sana seenuu hin dandeenne.

Waciitiiwwan Dheekkamsa Waaqaa Torbani

16 Anis qoonqa[h] guddaa, maleekkota torbaniin, "dhaqaatii, waciitiiwwan[i] dheekkamsa Waaqaa torban keessaa lafa irratti dhangalaasaa" jedhu tokko mana qulqullummaa keessaa dhaga'e.

[2]Maleekkaan jalqabaa dhaqee waciitii isaa keessaa lafa irratti dhangalaase; namoota milikkita[j] bineensichaa uf-irraa qabanii fi fakkii isaatiif sagadanittis madaan hamaanii fi jibbisiisaan yaa'e.

[3]Maleekkaan lammaffaan qorii isaa keessaa galaanatti dhangalaase; galaanichis dhiiga akka dhiiga nama du'ee ta'e; lubbu qabeeyyiin galaana sana keessa jiraatan cuftinuus ni du'ani.

[4]Maleekkaan sadaffaan qorii isaa keessaa lageenii fi burqaawwan bishaanii irratti dhangalaase; isaanis dhiiga ta'an. [5]Maleekkaan bishaanota irratti aangoo[k]

[b]5 ykn *dhuga-ba'iisa/rageessa'a;* [c]6 ykn *billiqaa;* [d]6 ykn *sabbata/gurdaa;* [e]6 ykn *marxifatanii;* [f]7 ykn *qorii/ gabatee;* [g]8 ykn *hobba'utti* [h]1 ykn *qoonqoo/sagalee;* [i]1 ykn *gabatee/qorii;* [j]2 ykn *malkata/ milikkeeta;* [k]5 ykn *jabeenna*

qabus otoo akkana jedhuu nan dhagaye:
" Yaa isa qulqulluu,
kan jirtu, kan turte,
waan akkasitti murteessiteef,
ati qajeelaa dha;
6Waan isaan dhiiga qulqullootaatii fi dhiiga raajotaa[l] dhangalaasaniif,
ati immoo akka isaan dhuganiif dhiiga isaaniif kenniteerta;
kuni isaaniif ni malaatii."
7Anis otoo iddoon aarsaa[m],
"eeyee yaa Waaqayyo Gooftaa waan cufa dandeettu,
murtiin kee dhugaa dha; qajeelaadhas" jedhuu nan dhagahe.
8Maleekkaan afraffaanis waciitii isaa keessaa biiftuu irratti dhangalaase; biiftuufis akka isiin ibiddaan nama gubduuf humni ni kenname. 9Namoonnis oow'a guddaa sanaan ni gubatan; maqaa Waaqa dhayicha[n] kanniin irratti humna qabu sanaas ni abaarani; cubbuu irraa deebi'uu[o] fi ulfinna isaaf kennuus ni didani.
10Maleekkaan shanaffaanis waciitii isaa keessaa teessoo bineensichaa irratti dhangalaase; mootummaan bineensichas dukkanaan liqimfame; namoonnis cinqamuun[p] arraba isaanii cicciniinani. 11Sababii cinqamaa fi madaa isaaniitiifis Waaqa samii abaarani; garuu cubbuu hojjatan irraa deebi'uu ni didani.
12Maleekkaan jahaffaanis qorii isaa keessaa Efraaxiis lagicha guddaa irratti dhangalaase; bisaan laga sanaas mootota baha biiftuutii dhufaniif akka karaan qopheeffamuuf ni goge. 13Yommuus afaan jawwee keessaa, afaan bineensichaa keessaa fi afaan raaga dharaa keessaa hafuuronni xuraawoonni raacha fakkaatan sadii otoo ba'anuu nan arge. 14Isaanis hafuurota jinniiwwanii kanneen hujiiwwan baasaa hojjatanii dha; isaanis lola guyyaa guddichaa kan Waaqa waan mara danda'u sanaatiif walitti isaan qabuuf gara mootota addunyaa maraatti kan bahanii dha.
15Kunoo, ani akkuma hattuutti nan dhufa! akka qullaa hindeemneef, akka qaaniin isaas hin muldhanneef namni dammaqee uffata isaa eegatu eebbifamaa dha. 16Isaanis lafa afaan Ibiraayisxiitiin Armaageedon jedhamutti mootota sana walitti qabani.
17Maleekkaan torbaffaanis qorii isaa keessaa qilleensa keessatti dhangalaase; sagaleen guddaan, "raawwatameera[q]!" jedhu tokkos mana qulqullummaatii teessoo keessaa bahe. 18Yommuus

[l]6 ykn *raagotaa;* [m]7 ykn *fulaan sooriyoo;* [n]9 ykn *balaa;* [o]9 ykn *qalbii jijjiirachuu;* [p]10 ykn *Dhiphachuun;* [q]17 ykn *xummurameera/muumma'e*

angaasuun[r], qoonqi, mandiisuu[s] fi sochiin lafaa hamaan tokko ni ta'e; sochiin lafaa kan akkanaas erga namni lafa irra jiraachuu jalqabee kaasee takkumaa ta'ee hin beeku; sochiin lafaa sunis akka malee guddaa ture. [19]Magaalattiin[t] guddoon bakka sadiitti gargari qoodamte; magaalawwan sabootaas ni diigamani; Waaqayyos Baabiloonii guddittii ni yaadate[u]; xuwwaa[v] daadhii wayinii dheekkamsa isaa sodaachisaadhaan guutames ni kenneefi. [20]Odolawwan[w] martinuu ni baqatani; gaaronnis argamuu hin dandeenye. [21]Dhagaan cabbii gugurdaan tokkoon tokkoon isaa gara kiiloo giraamii afurtamii shanii ulfaatu samii irraa namoota irra bubbu'e; dhayichi sunis waan akka malee hamaa tureef namoonni sababii dhayicha cabbii sanaatiif Waaqa abaarani.

Dubartittii Bineensicha irra Teettu

17 Maleekkota torban waciitiiwwan[x] torba qaban keessaa inni tokko gara koo dhufee akkana naan jedhe; "koottu! adaba sagaagaltittii[y] guddoo isii bisaanota baay'ee irra teettu sana irratti raawwatamuuf[z] jiru sitti argisiisaatii. [2]Mootonni lafaa isii woliin sagaagalaniiru; warri lafa irra jiraatanis daadhii wayinii sagaagala isiitiin machaa'aniiru.

[3]Maleekkaan sunis hafuuraan na fuudhee lafa alootti[a] na geesse; achittis dubartii[b] bineensa diimaa akka dhiigaa kan maqaa arrabsootiin guutame tokko irra teettu nan arge; bineensichis mataa torbaa fi gaafa kudhan qaba ture. [4]Dubartittiinis uffata dhiilgee[c] fi diimaa akka dhiigaa uffattee warqiin, dhagaa gatii-guddaatii fi calleen[d] midhaaffamtee turte; harka ishiittis xuwwaa[e] worqii kan waan jibbisiisaa fi xuraawummaa sagaagala ishiitiin guutame qabattee turte. [5]Adda isii irrattis maqaan dhossaan akkana jedhu tokko barreeffamee ture;

BAABILOONI
GUDDITTII, HAADHA
SAGAAGALTOOTAA TII FI
HAADHA WAAN JIBBIISISAA
ADDUNYAA.

[6]Akka dubartittiin dhiiga qulqullootaatii fi dhiiga warra Yesuusiif rageessaniitiin[f] machoofte nan arge.

Anis yommuu ishii argetti baay'ee dinqifadhe[g]. [7]Maleekkichis akkana naan jedhe; "ati maaliif

[r]18 ykn *balaqqeen;* [s]18 ykn *kakawwee/ gigissuu;* [t]19 ykn *dirii;* [u]19 ykn *qaabate;* [v]19 ykn *muduunuu/waaccaa;* [w]20 ykn *lafti bisaan jidduu;* [x]1 ykn *qorii;* [y]1 ykn *hawadattuu;* [z]1 ykn *hobba'uuf/ xummuramuuf;* [a]3 ykn *onaatti/adiyyootti;* [b]3 ykn *niitii;* [c]4 ykn *daalachaa fi;* [d]4 ykn *dooqaan;* [e]4 ykn *muduunuu/waaccaa;* [f]6 ykn *dhuga- ba'aniitiin/dhugeessaniitiin;* [g]6 ykn *maadeffadhe/ajaa'ibsiifadhe*

dinqifatta? Icciitii[h] dubartiittiitii fi icciitii bineensicha isii baatu kan mataa torbaa fi gaafa kudhan qabu sanaa sitti nan hima. [8]Bineensi ati argite sun duri tureera; amma garuu hin jiru; ta'us booddee[i] qilee keessaa ol-ba'ee gara badiisa isaa ni dhaqa. Warri lafa irra jiraatan kanneen maqaan isaanii uumama addunyaatii jalqabee kitaaba jireennaa keessatti hin galmeeffamin yommuu bineensicha arganitti ni ajaa'ibsiifatu; sababiin isaas bineensichi duri tureera; amma garuu hin jiru; booddee ammoo ni dhufa.

[9]"Kunis sammuu[j] qarooma qabu gaafata; mataawwan torban sunis gaarota torban dubartittiin irra teessuu dha. [10]Akkasumas mataawwan torban sun mootota torba. Isaan keessaas shan kufaniiru[k]; inni tokko jira; inni kaan[l] immoo ammallee hin dhufne; yommuu dhufutti garuu yeroo gabaabaaf turuu qaba. [11]Bineensichi duraan turee amma immoo hin jirre sun mootii saddeettaffaa dha; innis mootota torban keessaa isa tokkoo dha; gara badiisa isaas ni dhaqa.

[12]Gaafawwan kurnan[m] ati argite sunis mootota kurnan warra ammallee mootummaa hin argatin iidha; ta'us isaan bineensichaa wajjiin sa'aatii tokko moowuuf aangoo[n] ni fudhatu. [13]Isaanis yaaduma tokko qabu; humna isaaniitii fi aangoo isaaniis dabarsanii bineensichaaf ni kennu. [14]Isaanis hoolichatti lola kaasu; hoolichi garuu waan Gooftaa Gooftotaatii fi Mootii Moototaa ta'eef isaan injifata[o]; warri isa woliin jiranis warra isaaf waamaman, warra isaaf filatamanii fi warra isaaf amanaman.

[15]Bishaanonni ati argite kanneen sagaagaltittiin irra teettu sun saboota, namoota, sanyiiwwanii fi afaanota. [16]Bineensichii fi gaafawwan kurnan ati argite sun sagaagaltittii ni jibbu; isaanis isii saamanii qullaa isii hambisu; foon isii ni nyaatu; ibiddaanis isii gubu. [17]Isaanis hanga dubbiin Waaqayyoo fiixaan bawutti walii galteedhaan aangoo isaanii dabarsanii bineensichaaf kennuun akka fedhii Waaqayyoo raawwataniif[p] Waaqayyo waan kana garaa isaanii keessa kaa'eeraatii. [18]Dubartittiin ati argite sun magaalattii guddoo mootota lafaa bulchitu.

Kufaatii Baabiloonii

18 Ergasiis otoo maleekkaan biraa[r] samii irraa gadi bu'uu nan arge; innis aangoo[s] guddaa qaba ture; ulfinna isaatiinis lafti ni ifte. [2]Innis akkana jedhee

[h]7 ykn *dhossaa;* [i]8 ykn *duubatti;* [j]9 ykn *qalbii;* [k]10 ykn *yaa jigani;* [l]10 ykn *kuun;* [m]12 ykn *kudhannan;* [n]12 ykn *jabeenna;* [o]14 ykn *dabsata/mooyata* [p]17 ykn *guutaniif;* [q]18 ykn *diraa;* [r]1 ykn *dhibiin/ibaa;* [s]2 ykn *jabeenna*

sagalee[t] guddaan iyye;
"kufteerti[u]! Baabiloon guddi-
tiin kufteerti!
lafa jireenna jinniiwwanii,
lafa buufata hafuurota[v] xuraawoo,
mana simbirroota[w] xuraa-
wootii fi jibbisiisoo
taateerti.
[3]Saboonni cuftinuus,
daadhii wayinii dheekkamsa
sagaagala[x] ishii dhugan-
iiruutii;
mootonni lafaas ishii waliin
sagaagalaniiru;
daldaltoonni addunyaas
qananii[y] isii guddaa
sanaan duroomaniiru.
[4]Qoonqa dhibiillee samii irraa
nan dhaga'e; innis akkana jedha;
"Yaa saba kiyya, isin akka
cubbuu isii keessatti hin
hirmaanneef, balaa isii irra
gawus akka hin qoodan-
neef, koottaa isii keessaa
bahaa.
[5]Cubbuun isii hanga samiitti ol
tuulameeratii;
Waaqayyos jallinna isii qaa-
bateera.
[6] Akkuma ishiin kennitetti isinis
ishiif kennaa;
Akkuma hujii ishiittis dachaa
lama godhaatii ishiif dee-
bisaa;
xuwwaa[z] ishiin itti bulbultet-
tis dachaa lama godhaatii
ishiif bulbulaa.
[7]Hanguma isiin ulfinna ufii ken-
nitee, qananii guddaanis
jiraatte sana,
qixxeedhuma isaa cinqamaa fi
gadda[a] isiif kennaa;
isiinis garaa isii keessatti,
'ani akka mootuu tokkootti
nan taa'a; ani niitii dhiirsi
irraa du'ee miti;
matumaas[b] hin gaddu jettee
uf-jajji[c].
[8]Kanaaf dhayichi garaa garaa
jechuunis,
duuti, gaddii fi beelli
guyyuma tokkotti
ishii irra gaha;
Waaqayyo Gooftaan ishiitti
murteessu sun waan ja-
baa ta'eef,
ishiin ibiddaan ni gubamti.
[9]"Mootonni lafaa warri isii waliin
sagaagalanii fi warri qananii
guddaan isii waliin jiraatan
yommuu aara gubamuu isii ar-
ganitti isiif ni boowu; ni gaddus.
[10]Isaanis cinqama ishii waan
sodaataniif fagoo dhaabatanii,
" 'wayyoo! wayyoo! yaa ma-
gaalattii[d] guddoo,
yaa Baabiloon magaalattii
jabduu nana!
badiin kee sa'aatuma tokko
keessatti dhufeeraatii' jedhu.

[t]2 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [u]2 ykn *yaa jidde;* [v]2 ykn *baqotaayyaanota;* [w]2 ykn *simphirree;* [x]3 ykn *hawadii;* [y]3 ykn *badhaadhummaa/canaqa;* [z]6 ykn *muduunuu/waaccaa;* [a]7 ykn *laalala;* [b]7 ykn *akkanallee jedhee;* [c]7 ykn *ol-ufqabdi*
[d]10 ykn *dira*

[11]"daldaltoonni lafaas ammaan
achi waan namni tokkolleen mi'a
isaanii hin binneef ishiif ni
boowu; ni gaddus. [12]Mi'ii isaaniis
worqii, meetii, dhagaawwan
gatii guddaatii fi callee[e], uffata
haphii quncee talbaa irraa
hojjatame, uffata dhiilgee[f], uf-
fata haarriitii fi diimaa akka dhii-
gaa, muka urgaawaa gosa maraa,
mi'a ilka arbaa irraa hojjatame
mara, mi'a muka gatii guddaa
irraa hojjatame mara, mi'a naasii
irraa hojjatame mara, mi'a si-
biilaatii fi mi'a dhagaa adii irraa
hojjatame maraa fi [13]Qarafaa[g]
fi urgooftuu, hixaana, qumbii,
haamphee urgaawaa, daadhii
wayiniitii fi zayitii ejersaa, daa-
kuu bullaawaa fi qamadii[h],
loowwanii fi hoolota[i], fardoolee[j]
fi gaariiwwan, akkasumas gar-
bootaa fi lubbuuwwan namootaa
fa'a.

[14]"Isaanis, 'firiin[k] ati hawwite
sun si duraa barbadaayeera; bad-
haadhummaa fi bareedinni kee
cuftinuu sirraa badeera; matu-
maas deebitee hin argattu' ishiin
jedhu. [15]Daldaltoonni mi'a kan-
niin gurguratanii isii irraa bad-
haadhummaa argatanis cinqama
isii sodaatanii fagoo dhaabatani;
isaanis booyaa, gaddaas, [16]Sagalee
guddaan akkana jedhan;

" 'woyyoo! woyyoo, yaa ma-
gaalattii guddoo;
Yaa ishii uffata haphii quncee
talbaa irraa hojjatame,
uffata dhiilgee fi uffata
diimaa akka dhiigaa
uffatte,
yaa ishii worqiin, dhagaa
gatii guddaatii fi doo-
qaan midhaaffamte,
[17]Badhaadhummaan guddaan
akkanaa sa'aatuma tokko
keessatti barbadaayee!'

"ajajjuun doonii[l] cuftinuu,
warri dooniin imala deeman
cuftinuu, warri doonii oofanii fi
warri galaana irra hojjachuun
jiraatan cuftinuu, fagaatanii ni
dhaabatu. [18]Isaan yommuu aara
gubamuu isii arganitti, 'magaalaan
akka magaalaa guddittii tanaa
takkumaa tureeraa ree?' jedhanii
iyyani. [19]Isaanis awwaara mataatti
firfirfatanii boo'aa, gaddaas ak-
kana jedhanii iyyani;

" 'wayyoo! Wayyoo, yaa
magaalattii guddoo,
yaa isii warri galaana irraa
hoboloo qaban martinuu
qabeenna isiitiin duroomani,
isiin sa'aatuma tokko kees-
satti barbadoofte!
[20]Yaa samii kufaatii isiitti
gammadi!
qulqulloonni, ergamtoonnii
fi raagonnis[m] gammadaa!

[e]12 ykn *lula/dooqa;* [f]12 ykn *daalacha;* [g]13 ykn *qundhii;* [h]13 ykn *dargaayyee;* [i]13 ykn *ooliyyee;* [j]13 ykn *faradoo;* [k]14 ykn *mid-haani;* [l]17 ykn *hoboloo;* [m]20 ykn *raajonis*

Waaqayyo haaloo[n] isinii ba-
hee isiitti mureeraatii.' "
[21]Yommus maleekkaan jabaan tokko dhagaa haga dhagaa daakuu gawu tokko fuudhee galaanatti gadi darbate; akkanas jedhe:
"Baabiloon magaalattiin gud-
doon,
akkasuma furgugifamtee ni
darbatamti;
matumaas deebitee hin
argamtu.
[22]Qoonqi warra kiraara dha-
waniitii fi warra muuziqaa
taphatanii,
qoonqi warra ululee afuu-
faniitii fi warra magalata[o]
afuufanii ammaan achi si
keessatti hin dhaga'amu;
ogeessi ogummaa hujii harkaa
tokkolleen,
ammaan achi si keessatti
hin argamu;
qoonqi dhagaa daakuulleen,
ammaan achi si keessatti hin
dhaga'amu.
[23] Ifni ibsaa,
Lammata si keessatti hin ifu;
sagaleen dhiirsa misirrootii[p]
fi sagaleen misirroo[q],
lammata si keessatti hin dha-
gayamu.
daldaltoonni kee namoota
gugurdaa addunyaa turan;
falfala keetiin sabni cuftinuu
gowwoomfameera.
[24]Dhiigni raajotaatii fi dhiigni
qulqullootaa,
dhiigni warra lafa irratti gor-
ra'aman hundumaas
ishii keessatti argame."

Haallee Luyaa!

19 Kana booddee[r] waan akka huursaa qoonqa[s] tuuta namootaa guddaa tokko samii irraa nan dhagaye; innis akkana jedha:
" Haallee Luyaa!
Fayyinni, ulfinnii fi humni
kan Waaqa keennaa ti;
[2]Murtiin isaa dhugaa dhaatii;
qajeelaadhas.
Inni sagaagaltittii[t] guddoo,
isii sagaagala isiitiin lafa xureessite sanatti mureera;
dhiiga tajaajiltoota[u] isaatiifis isiitti haaloo[v] bayeera.
[3]Ammas ida'anii,
" Haallee luyaa!
Aarri ishiis baraa hanga bara
baraatti ol- ni ba'a"
jedhanii iyyani.
[4]Jaarsonni diddamii afranii fi uumamawwan jiraatoon afran kufanii[w] Waaqa teessoo irra taa'ee jiru sanaaf sagadani; sagalee guddaanis "Aamiin; Haallee luyaa!" jedhani.
[5]Yommus qoonqi,

[n]20 ykn *haluu;* [o]22 ykn *xurumbaa;* [p]23 ykn *Abbaa fuudhaa/ashilaa;* [q]23 ykn *intala fuudhani/idaayyaa;* [r]1 ykn *duubatti;* [s]1 ykn *qoonqoo/ sagalee;* [t]2 ykn *hawadattuu;* [u]2 ykn *hojjatoota;* [v]2 ykn *haluu;* [w]4 ykn *jiganii*

"Isin tajaajiltoonni isaa cuftinuu,
warri isa sodaattan,
diqqaanis guddaanis,
Waaqa keenya jajadhaa"
jedhu tokko teessicha keessaa bahe.
[6]Otoo sagaleen akka sagalee tuuta nama baayee, akka huursaa bisaan baay'eetii fi akka sagalee mandiisuu[x] guddaan tokko akkana jedhuu nan dhagaye:
"Haallee luuyaa!
Gooftaan keenna Waaqni waan mara danda'u moo'eeraatii;
[7]Koottaa ni gammannaa; ni ililchinas;
ulfinnas isaaf ni kenninaa!
Yeroon fuudha hoolichaa gayeeraatii;
misirroon[y] isaas uf-qopheessiteerti.
[8]Akka uffattuufis uffanni haphiin quncee talbaa irraa hojjatame,
Adii fi qulqulluun isiif kennameera."
Uffanni haphiin Quncee talbaa irraa hojjatame sun hujii qulqullootaa isa qajeelaa sana agarsiisa.
[9]Maleekkaan sunis, " 'warri gara cidha[z] fuudha hoolichaatti affeeraman[a] eebbifamoo dha' jedhii barreessi" naan jedhe; itti ida'ees, "dubbiin kun dubbii Waaqaa isa dhugaa dha" naan jedhe.
[10]Anis isaaf sagaduuf jedhee miila isaa irratti lafa dhaye; inni garuu akkana naan jedhe; " Naa hin sagadini! anis hojjatumaa sii fi obboleeyyan kee warra Yesuusiif dhuga-bahan[b] wajjiin tajaajiluu dha. Waaqaaf sagadi; dhuga-bayiinsi Yesuusi hafuura[c] raajiitii[d].

Nama Farda Adii Irra Taa'u

[11]Anis samii baname nan arge; kunoo, farda adii tokkottu ture. Inni farda sana yaabbatus amanamaa fi dhugaa jedhama ture; innis qajeelummaan murteessa; waraanas ni kaasa. [12]Ijji[e] isaa akka arraba ibiddaa ti; mataa isaa irras gonfoo[f] baay'eettu jira; innis maqaa isa irratti barreeffame kan isa malee namni tokkolleen hin beenne tokko qaba. [13]Innis uffata dhiiga keessa cuuphame tokko uffata; maqaan isaas "dubbii Waaqayyoo" jedhama. [14]Loltoonni samii irraas uffata haphii quncee talbaa irraa hojjatame adaadii fi qulqulluu uffatanii, fardoolee[g] adaadii yaabbatanii isa hordofaa turani. [15]Afaan isaa keessaas goraadee qaramaa inni ittiin saboota rukutu[h] tokkottu baya; " innis bokkuu sibiilaatiin isaan bulcha;" bakka[i]

[x]6 ykn *kakawwee/bakakkaa;* [y]7 ykn *idaayyaan/intalli inni fuudhu;* [z]9 ykn *jila;* [a]9 ykn. *yaamaman;* [b]10 ykn *dhugeessan/ rageessan;* [c]10 ykn *ayyaana;* [d]10 ykn *himanaati/dubbii raagaati;* [e]12 ykn *iltii;* [f]12 ykn *ruufa*; [g]14 ykn *faradoo/fardeen;* [h]15 ykn *dhawu;* [i]15 ykn *fulaa*

cunfaa wayinii dheekkamsa sodaachisaa Waaqa waan cufa danda'uu sanaas ni dhidhiita. [16]Innis uffata isaatii fi gudeeda isaa irratti maqaa barreeffame tokko qaba; maqaan sunis akkana jedha;

"MOOTII MOOTOTAATII FI GOOFTAA GOOFTOTAA"

[17]Maleekkaa tokkos otoo inni aduu keessa dhaabatuu nan arge; innis qoonqa guddaan simbirroota[j] samii wadhakkaa[k] barrisanitti akkana jedhee iyye; "koottaa, irbaata[l] Waaqaa isa guddaaf walitti qabamaa. [18]Kunis akka isin foon mootota, foon ajajdoota waraanaa, foon namoota jajjaboo, foon fardooleetii fi foon warra farda yaabbatanii akkasumas foon nama maraa jechuunis foon nama bilisa[m] ta'eetii fi garbaa, foon diqqaatii fi guddaa nyaattaniifi."

[19]Yommuu sanas bineensichi, mootonni lafaatii fi loltoonni isaanii namicha farda yaabbatu sanaa fi loltoota isaatti waraana kaasuuf jedhanii otoo walitti qabamanuu nan arge.

[20]Bineensichi garuu ni qabame; raagichi dharaa kan fuula bineensichaa duratti hujiiwwan baasaa hojjachaa ture sunis isa waliin qabame. Innis hujiiwwan baasaa kanniiniin warra milikkita[n] bineensichaa fudhatanii fi warra fakkii isaatiif sagadan gowwoomse; isaan lachuu otuma lubbuun jiranuu haroo ibiddaa kan dinyiidhaan[o] bobawu keessatti gadi darbatamani. [21]Warri hafan ammoo goraadee afaan namicha farda yaabbatu sanaa keessaa bayeen ajjeefaman; allaattiin cuftinuus foon isaanii nyaattee quufte.

Mootummaa Woggaa kumaa

20 Otoo maleekkaan tokko furtuu qileetii fi sansalata[p] guddaa tokko harkatti qabatee samii irraa gadi bu'uu nan arge. [2]Maleekkaan sunis bineensicha akka jawwee, bofa durii sana jechuunis daabiloos yookaan Sheexana qabee woggaa kuma tokkoof hidhe. [3]Haga waggaan kumaa sun dhumuttis akka inni deebi'ee saboota hin gowwoomsineef qileetti gadi isa darbatee itti cufe. Chaappaas irratti godhe; ergasii immoo yeroo gabaabaaf hiikamuu qaba.

[4]Anis teessowwan tokko tokko nan arge; warri akka murtii kennaniif aangoon[q] kennameef teessowwan sana irra taa'anii turani. Lubbuuwwan namoota sababii Yesuusiif dhugeessanii fi sababii dubbii Waaqayyootiif jedhanii

[j]17 ykn *simphirree;* [k]17 ykn *walakkaa;* [l]17 ykn *golola halkanii;* [m]18 ykn *balchaa;* [n]20 ykn *malkata/milikkeeta;* [o]20 ykn *dilloon bobeettu;* [p]1 ykn *haadha sibiilaa/ sinsilaata;* [q]4 ykn *guddinnii*

gorra'amaniis nan arge; isaanis bineensichaaf yookiin fakkii bineensichaatiif hin saganne; milikkita[r] isaas adda isaanii irratti yookiin harka isaanii irratti hin fudhanne; isaanis du'aa ka'anii Kiristoos waliin waggaa kuma tokkoo moo'an. [5]Warri du'anii otoo du'aa hin ka'in hafan garuu haga waggaan kumaa sun dhumutti du'aa -ka'iinsa hin arganne; kunis du'aa-ka'iinsa jalqabaati. [6]Warri du'aa-ka'iinsa jalqabaa keessatti qooda qaban eebbifamoo fi qulqulloota. Warri akkasii luboota[s] Waaqayyootii fi luboota Kiristoosi ta'anii woggaa kuma tokkoo isa woliin moowu malee duuti lammaffaan isaan irratti humna hin qabu.

Badiisa Sheexanaa

[7]Yommuu waggaan kumni sun dhumutti sheexanni bakka[t] itti hidhamee ture keessaa gadi dhiifama. [8]Innis saboota golee[u] lafaa afran jiran jechuunis Googii fi Maagoogin gowwomsuuf ni baha; hunduma isaaniis waraanaaf wolitti qaba; baayinni isaaniis akka baay'inna cirracha qarqara galaanaati. [9]Isaanis lafa cufa irratti faffaca'anii buufata qulqullootaatii fi magaalattii[v] jaalatamtuu marsani; garuu ibiddi samii irraa gadi bu'ee isaan fixe. [10]Daabiloos inni isaan gowwoomse sunis gara hara dinyii[w] boba'uutti bakka bineensichii fi raagichi[x] dharaa itti darbataman sanatti gadi darbatame. Isaanis baraa hanga bara baraatti halkanii guyyaa ni dhiphifamu.

Murtii Dhumaa

[11]Anis teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicha irra taa'e nan arge; laftii fi samiin fuula isaa duraa baqatani; bakkis isaaniif hin argamne. [12]Warri du'anis xiqqaa guddaan fuula teessichaa dura dhaabatanii nan arge; kitaabonnis ni banamani; akkasumas kitaabni dhibiin[y] jechuunis kitaabni jireennaa ni baname; Warra du'anis akkuma kitaabota keessatti galmeeffametti, akkuma hujii isaan durii hojjataniitti murtiin kennameef. [13]Galaannis warra du'an kanneen isa keessa turan uf keessaa baasee kenne; duutii fi Si'oolis warra du'an kanneen isaan keessa turan uf keessaa baasanii kennani; namni cuftis akkuma hujii isaatti murtii argate. [14]Eegasiis duutii fi Si'ool hara ibiddaatti gadi darbatamani; harri ibiddaa kunis du'a lammaffaa dha. [15]Namni maqaan isaa kitaaba jireenyaa keessatti hin galmeeffamin kamiyyuu hara ibiddaatti gadi darbatame.

[r]4 ykn *malkata/milikkeeta;* [s]6 ykn *qaallolee;* [t]7 ykn *fulaa;* [u]8 ykn *roga;* [v]9 ykn *dira;* [w]10 ykn *dilloo;* [x]10 ykn *raajichi;* [y]12 ykn *biraa*

Yerusaalem Ishii Haaraya

21 Anis eegasii samii haarayaa fi lafa haaraya nan arge; samiin duraatii fi lafti duraa sun badaniiruutii; galaannis lammata deebi'ee hin argamne. [2]Anis otoo magaalattiin[z] qulqulluun jechuunis Yeruusaalem ishiin haarayii akkuma misirroo[a] dhiirsa ishiitiif midhaaffamteetti qophooftee samii keessaa Waaqayyo biraa gadi buutuu nan arge. [3]Sagalee[b] guddaa teessoo keessaa akkana jedhu tokkos nan dhaga'e; "kunoo, bakkii[c] Waaqayyo jiraatu namoota jidduu dha; innis isaan wajjiin jiraata. Isaan saba isaa ta'u; Waaqayyo mataan isaas isaan wajjiin ni jiraata; Waaqa isaaniis ni ta'a. [4]Inni imimmaan hunda ija[d] isaanii irraa ni haaqa; ammaan achi duuti yookiin gaddi[e] yookiin booyichi yookiin dhiphinni tokkolleen hin jiraatu; sirni moofaan[f] sun dabreeraatii"

[5]Inni teessoo sana irra taa'es, "kunoo, ani waan hunda nan haaromsa" jedhe; itti ida'ees, "dubbiin kun waan amanamaa fi dhugaa ta'eef, kana barreessi" naan jedhe.

[6]Innis akkana naan jedhe; "raawwatameera[g]; Alfaa fi Omeegaan, jalqabaa fi dhumni ana; ani nama dheebotu maraaf burqaa bisaan jireennaa irraa tola nan kennaaf. [7]Namni injifatu[h] kamiyyuu waan kana mara ni dhaala; ani Waaqa isaa nan ta'a; innis ilma kiyya ta'a. [8]Garuu qoodni dabeeyyii, kan warra amantii[i] hin qabnee, kan xuraawotaa, kan warra nama ajjeessanii, kan halaleewwanii[j], kan warra falfala hojjatanii, kan warra Waaqota tolfamoo Waaqeffataniitii fi kan sobduuwwan cufaa hara ibiddaatii fi dinyii[k] bobawuu keessa ta'a; kunis du'a lammaffaa dha."

[9]Maleekkota torban warra wociitii[l] torban dhayicha[m] dhumaa torbaniin guutaman qaban keessaas inni tokko dhufee, "koottu, misirrittii jechuunis niitii hoolichaaa sitti nan agarsiisaatii" naan jedhe. [10]Innis hafuuraan na fuudhee gaara guddaa fi dheeraa tokkootti na geesse; otoo magaalattiin qulqulluun jechuunis Yerusaalemi samii keessaa waaqa biraa gadi buutuu natti agarsiise; [11]Isiinis ulfinna Waaqayyootiin ni ibsiti turte; calaqqifni[n] ifa isiis akkuma calaqqisa dhagaa gatii guddaa, akka dhagaa Yaasiphiidi qulqulluu akka bililleе ture. [12]Magaalattiinis masaraa[o] guddaa fi ol dheeraa karra kudhanii lama qabu qabdi turte;

[z]2 ykn *dirii;* [a]2 ykn *intala fuudhaa/idaayyaa;* [b]3 ykn *qoonqa /qoonqoo;* [c]3 ykn *fulaan;* [d]4 ykn *ila;* [e]4 ykn *laalatii;* [f]4 ykn *seerrii dullachi;* [g]6 ykn *yaa guutame/xummurame;* [h]7 ykn *dabsatu;* [i]8 ykn *dhugeeffachaa;* [j]8 ykn *sharmuuxotaa;* [k]8 ykn *dilloo;* [l]9 ykn *qorii/gabatee;* [m]9 ykn *balaa;* [n]11 ykn *billiqqeessii;* [o]12 ykn *dallaya dhagaa*

Karrawwan sana irras maleek-
kota kudhanii lamattu dhaabatee
ture; karra kudhanii lamaan sana
irrattis maqaan gosa Israa'eeli
kudhanii lamaanii barreeffamee
ture. [13]Karaa ba'a biiftuu karra
sadii, karaa kaabaa[p] karra sadii,
karaa kibbaa[q] karra sadii, karaa
lixa biiftuus karra sadiittu ture.
[14]Masaraan magaalattiis hundee[r]
kudhanii lama qaba ture; hundeew-
wan sana irrattis maqaan ergam-
toota hoolichaa kudhanii lamaanii
barreeffamee ture.

[15]Maleekkaan natti dubbate sunis
magaalattii, karrawwan isiitii fi
masaraawwan isii safaruuf ulee
safaraa[s] kan worqii irraa ho-
jjatame qaba ture. [16]Magaalatti-
inis golee[t] afurii qabdi turte.
Dheerinni ishiitii fi garaan ishii
wol-qixxee ture. Maleekkaan
sunis ulee isaatiin magaalattii
safare[u]; baldhinni ishiis gara kiiloo
meetira kuma lamaa fi dhibba
lamaa ta'e; dheerinni ishii, ga-
raan ishiitii fi ol-dheerinni ishiis
wol-qixxee ture. [17]Masaraa ma-
gaalattiis ni safare; innis akka
safara namaa kan maleekkichi
ittiin safaraa ture sanaatti ciqilee
dhibba tokko fi afurtamii afuri
ta'e. [18]Masarichi dhagaa Yaasi-
phidiitiin ijaarame; magaalattiin
ammoo worqii qulqulluu akka
daawwitii[v] qulqulluu ta'een
ijaaramte. [19]Hundeewwan masaraa
magaalattiis dhagaa gatii-guddaa
gosa hundumaatiin midhaaffamani.
Hundeen jalqabaa Yaasiphiidiin,
lammaffaan sanpheeriin, sadaf-
faan kaalqedooniin, afraffaan
immoo imeraaldiin midhaaffame.
[20]Inni shanaffaan Sardooniksiin,
jahaffaan Sardiyooniin, torbaffaan
Kirisaliixoosiin, saddeettaffaan
beeriloosiin, saglaffaan To-
phaaziiyooniin, kudhanaffaan
Kirisophiraasoosiin, kudhanii
tokkoffaan Yaakintiin, kudhanii

[p]13 ykn *mirgaa;* [q]13 ykn *bitaa;* [r]14 ykn *yayyaba;* [s]15 ykn *madaallii;* [t]16 ykn *moggaa;* [u]16 ykn *dhundhume;* [v]18 ykn *ufilaalii*

21:19 *Sanpheer* - dhagaa gatii guddaa kan bifa cuquliisaa qabu.
Kaalqedoon (Ageeti) - dhagaa gatii guddaa kan bifa adda addaa, yeroo baay'ee magariisaa (hadhoo).
Imeraald - dhagaa magariisa gatii guddaa.

21:20 *Sardooniks* - dhagaa gatii guddaa kan bifa adda addaa, yeroo baay'ee diimaa.
Sardiyoon - dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee diimaa.
Kirisooliit- dhagaa warqii fakkaatu.
Beeriloos - yeroo baay'ee bifa cuquliisa akka magariisaati; akkasumas bifa adda addaa qaba.
Tophaaziyoon - yeroo baay'ee biftii isaa keelloo fakkaata.
Kirisoophiraasos - dhagaa magariisa.
Yaakinti - dhagaa diimaa burtukaana fakkaatu.
Ameetisxoos - dhagaa dhiilgee yookaan gurraacha.

lammaffaan immoo Ameetisxoosiin midhaaffame. [21]Karri kudhanii lamaan lula[w] kudhanii lama turan; tokkoon tokkoon karra sanaas lulaan hojjatame. Daandiin magaalattiis worqii qulqulluu akkuma daawwitii waa muldhisuu ti.

[22]Waaqni Gooftaan waan hunda danda'uu fi hoolichi mana qulqullummaa isii waan ta'aniif ani magaalattii keessatti mana qulqullummaa tokkollee hin argine. [23]Biiftuun yookaan ji'i magaalattiif ibsuun hin barbaachisu; ulfinni Waaqayyoo ifa kennaafiitii; hoolichis ibsaa ishiiti. [24]Saboonni ifa isiitiin dedeebi'u; mootonni lafaas ulfinna isaanii gara isiitti fidu. [25]Sababii halkan achi hin jirreef karrawwan magaalattii matumaa[x] guyyaan hin cufamani. [26]Ulfinnaa fi surraa[y] sabootaa gara ishii ni fidu. [27]Worra maqaan isaanii kitaaba jireennaa kan hoolichaa keessatti galmeeffame malee wonni xuraawaan tokkoyyuu yookaan namni waan jibbisiisaa hojjatu yookaan namni nama gowwoomsu kamiyyuu magaalaa sana hin seenu.

Laga Jireenyaa

22 Maleekkaan sunis laga bishaan jireenyaa qulqulluu akka bilillee kan teessoo hoolichaa keessaa burqu tokko natti agarsiise. [2]Bishaan laga sanaas wadhakkaa daandii magaalattii[z] irra yaa'aa ture; gamaa gamana lagichaa irras mukni jireenyaa firii[a] gosa kudhanii lamaa naqatu dhaabatee ture; innis ji'uma ji'aan firii naqata ture; baalli muka sanaas saboota fayyisuuf tajaajilaa[b] ture. [3]Ammaan achi abaarsi tokkoyyuu hin jiraatu; teessoon Waaqayyootii fi teessoon hoolichaa magaalattii keessa ni ta'a; garboonni isaas isa tajaajilu. [4]Isaan fuula isaa ni argu; maqaan isaas adda isaanii irratti ni barreeffama. [5]Kana booddee[c] halkan hin jiru; ifni ibsaa yookiin ifni biiftuu isaan hin barbaachisu; Waaqayyo Gooftaan ifa isaaniif ta'aatii. Isaanis baraa hanga barabaraatti nimoo'u.

[6]Maleekkaan sunis, "dubbiin kun amanamaa fi dhugaa dha; Gooftaan, Waaqni hafuurota[d] raajotaa[e] sun waan dafee ta'uu qabu hojjattoota isaatti agarsiisuuf jedhee maleekkaa isaa ergeera" naan jedhe.

Yesuus ni Dhufa

[7]"Kunoo, ani dafee nan dhufa! namni dubbii raajii[f] kitaaba kana keessa jiruu eegu sun eebbifamaa dha."

[w]21 ykn *callee/dooqa;* [x]25 ykn *akkanallee jedhanii;* [y]26 ykn *midhaaguma* [z]2 ykn *diraa;* [a]2 ykn *midhaani mukaa/ija;* [b]2 ykn *gargaaraa;* [c]5 ykn *duubatti;* [d]6 ykn *ayyaanota;* [e]6 ykn *raagotaa;* [f]7 ykn *himana/dubbii raagaa*

[8]Ani Yohaannis waan kana cufa dhaga'eera; argeeras. Anis yommuu waan kana dhaga'ee argetti maleekkaa waan kana natti agarsiisaa ture sanaaf sagaduuf jedhee miila isaa irrattin lafa dhaye. [9]Inni garuu, "naa hin sagadin! anis tajaajilaa siifi obboleeyyan kee raagota wajjiin, akkasumas warra dubbii kitaaba kanaa eegan mara waliin tajaajiluu dha; Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe.

[10]Inni akkana naan jedhe; "Sababii Yeroon sun dhiyaateef dubbii raajii kitaaba kanaa chaappaadhaan hin cufin. [11]Namni jallinna hojjatu jallinna isaatti haa fufuu; namni xuraawaan xuraawummaa isaatti haa fufuu; qajeelaanis qajeelummaa isaatti haa fufuu; namni qulqulluun immoo qulqullummaa isaatti haa fufuu."

[12]"Kunoo, ani dafee nan dhufa; gatiin kiyya na bira jira; tokkoo tokkoo namaatiifis akkuma hujii isaatti nan kenna. [13]Alfaa fi Omeegaan, inni duraatii fi inni boodde, jalqabaa fi dhumni anuma.

[14]"Warri akka muka jireenyaa bira ga'aniif, karrawwaniinis akka magaalattii seenaniif mirga qabaachuuf jedhanii uffata isaanii miicatan eebbifamoo dha. [15]Garuu saroonni, falfaltoonni, halaleewwan[g], warri nama ajjeesaniifi warri Waaqota tolfamoo waaqeffatan akkasumas warri dhara jaalatanii fi warri dhara dubbatan hundinuu alatti hafu.

[16]"Ani Yesuus, akka inni waan kana waldoota kiristaanaa keessatti isinii dhugeessuuf[h] maleekkaa kiyya ergeera; ani hiddaa fi sanyii Daawiti; bakkalcha barii kan ifuu dha."

[17]Hafuurichii fi misirrittiin[i], "koottu!" jedhu; namni dhaga'us, "koottu!" haa jedhuu. Namni dheebotu cufti haa dhufuu; kan barbaadu cuftinuus bisaan jireennaa tola haa fudhatu.

[18]Nama dubbii raajii kitaaba kanaa dhaga'u hunda nan beekkachiisa; jechuunis nama kamiyyuu yoo inni dubbii kanatti waan tokkollee ida'e, Waaqayyo dhayichawwan[j] kitaaba kana keessatti ibsaman isatti ida'a. [19]Namni kamiyyuu yoo dubbii kitaaba raajii kana keessaa waan tokkollee hirdhise, Waaqayyo muka jireennaatii fi magaalattii qulqulluu kitaaba kana keessatti ibsaman keessaa qooda isaa hirdhisa.

[20]Inni waan kana rageessus,
"dhuguma ani dafee nan dhufa"
jedha;
aamiin, yaa Gooftaa Yesuus
koottu.

[21]Ayyaanni Gooftaa Yesuusi qulqulloota cufa waliin haa ta'u; aamiin.

[g]15 ykn *hawadattoonni;* [h]16 ykn *dhugabawuuf/rageessuuf;* [i]17 ykn *idaayyaan/intalli fuudhan;* [j]18 ykn *balaa*